INSTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA



Moojuulii Leenjii Hojii Irraa

Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa

QOphessiitoonni:

1.Obboo Sa'id Jundii [LLB, LLM]

2. Obboo Tacaana Margaa [LLB]

Bitootessa, 2001

ILQSO

Adaamaa

KUTAA TOKKOFFAA

MADDA, MAALUMMAA FI KAAYYOO HOOGGANSA DHANGALA'A DHIMMOOTAA…….
…1

1.1. Madda Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa……1
1.2. Maalummaa Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa ……2
1.3. Kaayyowwan Bu'uuraa Sirna Hooggansa Dhangala'a Dhimmoota……7
KUTAA LAMMAFFAA
FAAYEDAA, YAADRIMEEWWAN FI MALAWWAN HOOGGANSA DHANGALA'A DHIMMOOTAA
……11
2.1. Faayedaa Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa …… 11
2.1.1. Lafarra harkifatiinsa falmiilee ni hir'isa ……..12
2.1.2. Baasii falmii ni hir'isa ……12
2.1.3. Lakkoofsi Dhimmoota murtaayanii Akka Dabalan Taasisuu ……13
2.1.4. Amantaa hawaasaa Horachuu ……14
2.2. Yaadarmeewwan/Principles/Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa ……15

2.3. Malawwan Sirni Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa Ittin Hojiirra Oolu.....17
2.3.1. Too'annoo adeemsa galmeelee Mana Murtii yeroo eeggatee fi itti fufiinsa
Qabu
.....17
2.3.2. Dhimmoota addaan qoodanii Hoogganuu ..... .18
2.3.3. Ragaan Osoo Hin Dhagayamin Dura Baallamootni kennaman Amanamaa Akka Ta'anii fi Hojiileen Mana Murtii Sadarkaa Kanatti Raawwataman Dhimmoota Gara Xumuraatti Kan Geessan Ta'uu 22
2.3.4. Guyyaa Amanamaa fi Hinn Jijjiiramne Ragaan Itti Dhagayamu 23
2.3.5. Bulchiinsa Dhaddachaa 27

KUTAA SADAFFAA

HOOGGANSA DHANGALA'A DHIMMOOTAA KEESSATTI FAAYEDAA SIRNA
TEEKINOOLOOJII HAMMAAYYAA
.....29

KUTAA AFRAFFAA

Qaamota BU'AA-QABEESSUMMAA HOOGGANSA DHANGALA'A

DHIMMOOTAA KEESSATTI QOODA FUDHATAN 35

4.1. Abbootii Seeraa Dhaddacha Gaggeessu 35
4.2. Abbootii Alangaa 37
4.3. Abukaattota Duunfaa 38
4.4. Poolisii 38
4.5. Dhaddacha Kabachiistota 39
4.6. Ofiseroota Seeraa 40

KUTAA SHANAFFAA
MADAALLII RAAWWANNAA HOJII MANNEEN MURTII 42
5.1. Dandeettii Qulqulleessuu/Clearance Rate/.....44
5.2. Heddummina galmeelee /Congestion/ 47
5.3. Kuufama/Backlog/ 48
XUMURA 50
YAADANNOO DHUMAA 51
MIILTOO 57

Seensa

Hooggansi dhangala'a dhimmootaa tooftaa ykn hojimaata dhimmootni Manneen Murtii keessatti guyyaa itti bu'ureeffamana irraa kaasanii hanga xumura argatanitti ittiin bulfaman fi hoogganaman yommuu ta'u adeemsi kenniinsa haqaa si'aawaa fi bu'a –qabeessa akka ta'u gochuu keessatti shoora ol'aanaa qaba. Hooggansi dhangala' dhimmoota sirna dhimmoonni hundi akkaataadhuma sadarkaa ulfina fi salphina isaanii yeroon keessatti xumura argatan lafa kaayyameefii xiyyeeffannoodhaan itti hoogganamaniidha.

Manneen Murtii dhimmoota yeroo dheeraaf lafarra gangalachaa turuudhaan kuufamanii jiran humna namaa fi bajata dabaluudhaan qofa fala barbaaduun rakkisaa ta'a . Yeroo amman kanatti dhimmoonni gara mana murtii dhufan garmalee dabalachaa jiru. Fakkeenyumaaf, bara 1991 dhimmoonni bifa haarayaatiin manneen murtii oromiyaa hundatti banaman 185,386 yoo ta'an woggaa kudhan booda bara 2000 dhimmoonni kun gara 358,364 tti guddachuu danda'anii jiru. Daballii dhimmootaa kana ammo humna namaa dabaluudhaan furmaata laachuniif hin danda'amu.

Rakkoo akkanaa kanaaf ammo akka falaatti kan biyyoonni heddu itti fayyadaman hooggansa dhangala'a dhimmootaa hojiirra oolchudha. Sirna kana guutumaan guututti hojiirra oolchudhaaf haaldureewwan

barbaachisoo ta'an duursanii guutumuutu irra jiraata. Haaldureewwan kana keessayis leenjii qooda fudhattootaaf qopheessun fi laachuun murteessadha.

Barreeffamni kun kaayyoo sirna hooggansa dhangala'a dhimmootaa galmaan gahuudhaaf kan qophaaye yommuu ta'u aakuma waliigalaatti qabiyyeen isaas kutaa shan akka hammatu taasifamee jira. Kutaaleen tokkoon tokkoon kaayyoo mataa isaanii kan qaban yommuu ta'u haala qabatama hojimaataa jiru faana walmaddii qabuudhaan xiinxaluuf yaaliin taasifameera . Kana cinaattis, leenjiin kun bu'a-qabeessummaan isaa akka mirkanaayu gochuuf jecha qabxiilen marii leenjitootaaf akka qophaayan fi qabatamatti hooggansa dhangala'a dhimmootatiin walqabatee hanqina qixa hundaan jiru fi rakkoowwan uumamaniif ka'umsi ykn sababni maal akka ta'e hubachuun akka danda'amu akkasumas gaheen qaamota tokkoon tokkoon sirnicha keessatti qooda fudhatanii maal akka ta'e adda baasuu haala dandeessisuun akka shaakalan gochuuf yaalin ni taasifama

Bu'uuruma kanaan kutaan tokkoffaan ka'umsa, maalummaa fi kaayyoo hooggansa dhangala'a dhimmootaa akka hammatu taasifameera. Kutaan inni lammaffaan ammo faayedaa sirnichaa, yaadrimeewwan hordofamuu malan fi malawwan sirni kun hojiirra ittiin ooluu danda'u irratti xiyyeeffata. Kutaa kana keessattis yaadotni bu'uuraa hojimaata hooggansa dhangala'a dhimmootaa gara hojiitti jijjiiruuf hordofamuu malan fi tarkaaffiwwan kallattii kanaan tooftalee adda addaatti fayadamuudhaan fudhatamuu malan lafa kaayuuf yaadlin ni taasifama.

Kutaan sadaffaan barreeffama kanaatis haaluma walfakkaatuun eddoon sirna teekinooloojii hammayyaa maal akka ta'e fi sirna teekinooloojii

hammayyaa kanatti fayyadamuudhaan hooggansa dhangala'a dhimmootaa bu'a –qabeessa taasisuun akkamitti akka danda'amu ni ilaalla. Kutaan itti aanu kutaa afraffaa yommuu ta'u qaamotni adda addaa bu'a-qabeessummaa hooggansa dhangala'a dhimmootatiif gumaachan eenyufaa akka ta'an fi gaheen ykn qoodni isaanii maal akka ta'e adda baasudhaan ilaaluuf ni yaalla

Kutaan shanaffaa fi kutaan inni dhumaa barreeffama kanaa madaallii raawwannaa hojii Abbaa Seerummaan waliin kan walqabatu yommuu ta'u, as keessattis barbaachisummaa madaallii raawwannaa Abbaa Seerummaa fi walitti dhufiinsa madaallii raawwannaa hojii fi hooggansa dhangala'a dhimmootaa ilaaluuf ni yaalla . Kanumaan walqabateetis, akkaataa hojiin Abbaa Seerummaa ittin madaallamuu danda'u keessaa muraasa isaa haala qabatama hojii ammaan kana maneen murtii keessa jiruun walqabsiisudhaan lafa kaayuuf ni yaallama.

Bu'uuruma kanaan, kaayyoon leeenjii kanaa akka waliigalaatti leenjitootni dhangala'a dhimmootaa hoogganuudhaan walqabatee hubannoo gahaa akka horatan gochuudhaan hojii guyyaan hojjetan bifuma leenjichaatiin akka hojiietan fi tajaajila irraa eegamu haala sadarkaa qulqullinaa isaa eeggateen si'oominaan laatuu akka danda'an ogummaa barbaachisaa gonfachiisudha.

Bifuma kanaanis leenjitootni leenjii erga xumuraniin booda

- Maalummaa hooggansa dhangala'a dhimmootaa ni hubatu
- Haala qabatamaa wajjin barbaachisummaa fi faayadaa akkasumas kaayyoo hooggansa dhimmootaa ni ibsu

- Hooggansa dhangala'a dhimmootaa haala bu'a-qabeessa ta'een hojiirra oolchuuf ogummaan oggeessa tokkoof barbaachisu maal akka ta'e ni ibsu
- Hooggansa dhangala'a dhimmootaa keessatti shoorri qooda qabaattotaa keessumattuu kan Abba seeraa fi Abbaa Alangaa maal akka ta'e ni ibsu
- Dhimmoonni adda addaa Abbaa Seeraa fi Abbaa Alangaaf yommuu dhihaatan duursanii tarkaaffiin fudhachuu malan maal akka ta'e ni ibsu
- Akkaataa amala fi ulfina isaaniitin dhimmoota akkamitti adda baasudhaan yeroo itti xumura argatan baasuniif akka danda'amu adda baasanii ni hubatu.
- Kaayyoo hooggansa dhangala'a dhimmootaa fiixan baasun akka danda'amu gochuu keessatti shoorri teekinooloojii hammayyaa maal akka ta'e fi xiyyeeffannoo sirna kanaaf taasifamuu qabu maal akka ta'e ni tarreessu,
- Barbaachisummaa fi tooftalee madaallii raawwannaa hojii Abbaa Seerummaa ni ibsu
- Dhimmootni yeroo lafa kaayameef keessatti xumuramuu akka danda'an duursanii dhimmoota kuufamanii jiraniif fala barbaaduun haala itti danda'amu irratti hubannoo ni horatu.

KUTAA TOKKOFFAA

MADDA, MAALUMMAA FI KAAYYOO HOOGGANSA DHANGALA'A DHIMMOOTAA

Kutaa kana keessatti hooggansi dhangala'a dhimmootaa yeroo duraatiif issatti akka eegalame, sababni sirni kun akka hojiirra oolu barbaadameef maal akka ta'e, fi maalummaa sirna kanaa ilaaluuf yaaliin ni taasifama. Kana malees, kaayyon sirni kun barbaachiseef maala akka ta'e ni ilaalla.

Kaayyoon boqannaa kanaatis, leenjitootni sirna hooggganssa dhangala'a dhimmootaa irratti hubannoo waliigalaa akka horatan taasisuu, hiikni sirna kanaas maal akka ta'e fi hojii isaanii guyyaa guyyaa faana walcinaa qabanii akka ilaalan fi hubatan taasisuudha. Kanumaanis walqabatee, kaayyoon sirna kanaa ykn hooggansi dhangala'a dhimmootaa maaliif akka barbaachie fi galmi inni fiixaan bahuuf nu dandeessisu maal akka ta'e hubannoo uumuu ta'a.

1.1 Madda Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa

Hooggansi dhangala'a dhimmootaa ogummaa of danda'e ta'ee kan bahe A.L.Awuroppaatti dhuma bara 1970 fi bara 1980 irratti biyya Ameerikaatti akka ta'e qorannaawwan tokko tokko ni agarsiisu. Ogummaan kun addaan bahee odoo hin beekamin dura bara 1900 irraa eegalee rakkoo bu'uuraa Maneen Murtii Ameerikaa kan ta'e lafarra harkifatiinsa dhimmootaatiif ykn falmiitiif akka sababaatti kan eeraman seerota deemsa falmii, gurmaawina Manneen Murtii fi hanqina qabeenyaa turan. Yeroo sanatti saffina falmiiwwanii kan murteessan dhimmoota kana waan ta'eef lafarra harkifatiinsa falmiitiif furmaatni barbaadamuu kan qabu qabxiilee kana gubbaatti ta'uu qaba amantaan jedhu cimee kan mul'atu ture. Karaa biraatiin lafarra harkifatiinsa dhimmootaatiif akka sababaatti kan ilaalamaa ture baay'ina hojii fi qabeenyi jiru wal madaaluu

dhabuu isaa waan ta'eef rakkoo kana furuuf Abbootiin Seeraa tattaaffii addaa akka godhan ni eeggamu ture.[1]

Haa ta'uu malee bara 1970 booda lafarra harkifatiinsa dhimmootaatiif akka sababa bu'uuraatti dhimmootni eeramaa turan rakkoo seerota deemsa falmii fi qabeenyaa irraa gara adeemsa falmiileen guyyaa eegalamanii hanga murtii argatanitti ittiin hoogganaman /case flow management/ ceeyee jira. Kanaafis sababni bu'uuraa gurmaawinni Manneen Murtii fi dhimmoota keessummeessanii falmiilee si'aayinaan xumuruu irratti garaagarummaa Manneen Murtii jidduutti mul'atu ibsuu dadhabuu isaati. Gurmaawina caasaa dadhabaa jedhamuu danda'uu fi galmeelee heddu Manneen Murtii qaban qixa kanaan Manneen Murtii isaan caalan wajjiin wal bira qabamanii yoggaa ilaalaman si'aayina fooyyee qabu mul'isaniiru.[2]

Hooggansa galmeelee sirnaan dhangala'u horachuuf qabxiin murteessaan ogeessota seeraa hunda biratti jijjiiramni ilaalchaa fi hojimaataa jiraachuu isaati. Ogeessotni qaamolii sirna haqaa keessatti hojjatan lafarra harkifatiinsi falmiilee isaan yaaddessuu bira darbee dhimma kanaaf qixa fala barbaaduutiinis kutannoo qabaachuutu irra jiraata.[3]

Lafarra harkifatiinsi falmiilee waggaa muraasaan dura rakkoo tajaajila haqaa naannoo keenyaa akka ture beekamaa dha. Falmiileen yakkaas ta'ee hariiroo akka malee lafarra harkifachuu isaanii tiin falmiin abbaan jalqabe ilmatti darbaa turuun isaa amala baratame ta'uun isaa wanta wal nama dhabsiisu miti. Tajaajila seera hiikuu kennuu keessatti lafarra harkifatiinsa murtii rakkoo gurmaawinaa, bajataa fi baay'ina galmeelee wajjiin kan wal qabsiisnu yoo ta'e gara yaadota bu'uuraa kenna tajaajilaa jechuunis si'aayina, bu'aa qabeessummaa, iftoomaa fi itti-gaafatamummaa cee'uudhaan lafarra harkifatiinsa falmiilee bu'uuraan jijjiiruudhaan ergama Manneen Murtii galmaan gayuun hin dandayamu.

1.2 Maalummaa Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa

Barreeffamoota ogummaa hooggansa dhangala'a dhimmootaa ilaalchisee hayyoota adda addaa tiin dhiyaatan keessatti jechoota ***"hooggansa dhangala'a dhimmootaa"*** jedhuuf irra jireessaan hiikni wal fakkaatu yeroo kennamu hin mul'atu. Hiika hunda jechoota kanaaf kennamu asitti kaasuun waan hin dandayamneef hayyoota heddu biratti kan caalmayaan fudhatama argatan kaasuuf ni yaalla. Hooggansa dhangala'a dhimmootaa jechuun galmeeleen guyyaa Mana Murtiitti banaman irraa eegalanii hanga xumura argatinitti hojiiwwan jiranii fi adeemsi hojii tokkoon tokkoon yeroo fudhatu kan ittiin too'annu ykn sirna, tarsiimoo fi mala ittiin bulchinuu dha.[4]

Manneen Murtii falmiilee keessummeessan guyyaa jalqabamanii kaasee hanga gaafa xumuramanitti sirna ittiin bulchanii dha. Adeemsa kana keessattis dhimmootni falmii dhangala'a uumamaa isaanii eeguudhaan adeemsa beekamaa fi ifaa ta'e keessa akka darbanii fi adeemsa tokkoon tokkoon keessatti yeroo duraan murtaaheen olitti akka hin fudhanne sirna ittiin too'annuu dha. Adeemsi dhimmootni gara Mana Murtii dhufan keessa darbanii fi yeroon isaan fudhatan dursee kan beekamu waan ta'eef hooggansi dhangala'a dhimmootaa tarsiimoo Manneen Murtii lafarra harkifaatiinsi akka hin uumamne ittiin too'atanii dha. Jecha biraatiin mala Manneen Murtii qabeenya, hojimaataa fi humna qaban hunda gara bu'aatti ittiin jijjiiranii dha. Mala ykn tarsiimoo kanatti qulqullinaan qixa fayyadamuutiin tattaaffiin Manneen Murtii godhan kaayyoowwan bu'uuraa hundeeffamaniif sadarkaa barbaadamuun galmaan gayuu isaanii ni murteessa.[5]

Dhimmi tokko gara mana murtii dhufee hanga murtii argatutti hojiileen adda addaa raawwataman ni jiru. Isaanis galmee banuu, baallama kennuu, waraqaa waamichaa qopheessuu, himata dhagahuu, ragaa dhagahuu fi kan kana

fakkaatan yoo ta'an murtii irra gahuun dura qixa adeemsota hojii jiraniin kan caqafamuu dandayanii dha. Hojiileen kun yeroo beekamaa fi murtaahe keessatti raawwatamuu malu. Akkaataa yaadamu kanaan yoo osoo hin raawwatamin hafan namoota kana raawwachuuf taa'an irratti itti-gaafatamummaa hordofsiisuutu irra jiraata. Kana kan hin raawwatne yoo ta'e hojjattoota hojii kanaaf ramadaman qofa osoo hin ta'in dhimmoota harka keenya jiranis hooggganuuf hin dandeenye jechuu dha. Haala kanaan Mana Murtiis hooggannee jirra jechuun hin dandayamu. Maaliif yoo jedhame falmiileen yeroo yaadameen olitti kan harkifatan waan ta'eef Manni Murtii ergama isaa bakkaan gayuu waan hin dandeenyeefii dha.[6]

Kana irraa ka'uunis yeroon galmee banuuf, raga dhagahuuf fi dhimmicha murteessuuf nurraa fudhatu ifaan kan beekamuu fi too'annaanis kan irratti godhamu ta'uu qaba. Oofiserri Seeraa iyyannoowwan dhiyaataniif yeroo murtaahe keessatti qoratee yookaan faayilii banuu yookaan ammo qabxiin guutamuu malu akka hin guutamne garee iyyannoo dhiyeesseef ibsuun bakka barbaachisutti kanuma ibsuudhaan iyyannicha deebisuu qaba.[7] Kana gochuu dhiisee iyyannoo fuudhe sana yeroo galmee banuuf murtaaheen olitti harka isaa kan tursiisuu fi baallama kan kennu yoo ta'e yeroon gubatu kun akka yeroo falmiin tokko hanga xumuramutti Mana Murtii keessa turuutti waan lakkaawwamuuf falmichi yeroo barbaadamuun olitti lafarra akka harkifatu taasisa. Haqni akka turu taanaan ammo akka haqa dhoowwatametti waan laalamuuf namootni Mana Murtiitti falmii qaban akkasumas hawaasni Mana Murtii irraa amantaa haqa argachuu akka dhabu taasisa.[8] Manneen Murtiitiifis kufaatiin kana caalu hin jiru yoo jedhame soba hin ta'u.

Kallattii Abbootii Seeraatiinis yoo ilaalle haalli jiru kanaan adda miti. Fakkeenyaaf ragaa fuudhuu yoo ilaalle yeroon Manni Murtii ragaa itti dhagahu beekamuutu irra jiraata. Yaroo ragaa dhagahuuf murtaahe kana keessattis

rakkoon humnaa olii yoo qunname malee ragaan dhagayamuu qaba; sababa xixxiqqaa ta'aniin yeroo ragaa itti fuudhuuf murtaahe jijjiiruun hin barbaachisu. Baallama ragaa dhagayuuf qabame sababa gayaa malee jijjiiruun hin dandayamu. Sababa xixiqqaa tiin baallama ragaa dhagayuuf qabame kan jijjiirru yoo ta'e bu'aan isaa haqa lafarra harkifachiisuudhaan haqa dhoowwachuu ta'a. Kanaafuu Abbootiin Seeraa dhaddacha irratti hojiileen raawwatan takka lamaan lakkaawwamee kan beekamuu fi hojiilee kana raawwachuufis yeroon barbaachisu duraan murteeffamee haaluma kanaan raawwatamuu qaba.

Kun kan hin taane yoo ta'e Manni Murtii falmiilee itti dhiyaatan yeroon murteessuu fi tajaajila haqaa bu'aa qabeessa ta'e kennuu hin dandayu. Akkuma beekamu woggoottan muraasan dura, haalli Manneen Murti keenya raga itti dhagahaa turan garmalee kan lafarra harkifate yommuu ta'u erga sagantaan fooyya'iinsaa hojiirra ooluu eegalee asitti garuu ragaan garee falmitootaa lamaanituu guyyaa tokkotti akka dhagahamu gochuun gamatti jechi shaayedootaa sadarkaa manneen murtii ol'aanatti maashina sagalee waraabuun fayyadamuudhaan gara barreeffamaatti jijjiiruun itti hojjetamaa waan jiruuf gama kanaan rakkoon cimaan ture hanga ta'eenis ta'u akka furamu taasifameera. Sirni kunis dhimmoonni yeroo gabaabaa keessatti akka xumuramuu danda'an gumaacha mataa isaa danda'e gochuudhaan qulqullinni fi si'oominni hojii akka jiraatu tasiseera.

Falmiin hundi yeroo itti eegalame irraa kaasee hanga furmaata argatutti adeemsi hojii jiruu fi yeroon fudhatu too'atamuu qaba kan jedhamus dhimmootni yeroo murtaa'efiin ala deemudhaan haqni garmalee akka lafa irra hin harkifanne gochuudhafi. .

Hooggansi dhangala'a dhimmootaa sirna itti fufiinsaan sochii galmeelee Mana Murtii keessatti ittiin too'annuu dha. Jechoota biraatiin hooggansa dhangala'a

falmiilee jechuun sirna yeroo fi adeemsa hojii galmeeleen sochii gubbaatti argaman keessa darban ittiin too'annuu dha.

Kunis guyyaa guyyaan galmeeleen socho'an fooyya'iinsa argisiisan ciminaan hordofuu ta'a. Sochii galmeelee sirnaan hordofuuf adeemsa galmeeleen keessa darban akkaataa walitti aantummaa isaaniitiin addaan qooduu fi sirna ittiin gaggeeffamanii fi yeroo itti raawwatamanis murteessuu gaafata.[9] Fakkeenyaaf yeroo galmeeleen Mana Murtii itti turan adeemsa galmeelee banuu, adeemsa himata dhagahuun dura jiru (pretrial phase), adeemsa ragaa dhagayuu falmiin dhiyaate bu'uuraan itti ilaalamu (trial phase) fi adeemsa galmeelee murtiin booda jiru (post disposition phase) jennee addaan qooduu ni dandeenya. Kunis adeemsotni hojii walitti aanan uummamaa fi amala isaanii jiddu galeessa godhachuudhaan akka dhangala'an taasisuun gamatti yeroo adeemsi hojii tokkoon tokkoon fudhatu salphaatti murteessuu akka dandeenyu nu gargaara.

Hooggansi dhangala'a dhimmootaa kaayyoowwan teechisuu, istaandaardii baafachuu fi yeroo dhimmootni itti murteeffaman qopheeffachuu of keessatti hammata.[10]

Akkasumas sochii galmeelee hordofuu fi dhimmootni yeroo murtaaheefin olitti yammuu deeman rakkoo nu mudatuuf furmaata ta'a. Manneen Murtii si'aawaa fi bu'aa qabeessa akka ta'an yoo barbaadne, Abbootiin Seeraa hooggantootni Mana Murtichaa fi Oofiserootni Mana Murtichaa sochii galmeelee mala itti hordofanii fi ittiin too'atan beekuutu irra jiraata. Sirni bulchiinsa dhangala'a galmeelee yoo diriire Oofiserootni Seeraa fi Abbootiin Seeraa salphaatti sadarkaa dhimmootni irra gahan beekuu ni dandayu.

Qabxiin haalaan hubachuu qabnu dhimmoota adda addaatiif akkaataa qoodamaa fi garaagarummaa isaaniitiin sirna bulchiinsa dhangala'a falmiilee

qopheessuufii kan qabnu ta'uusaati. Dhimmootni sadarkaa ulfinaa tiin ykn wal xaxiinsaan garaagarummaa waan qabaniif, yeroo fi adeemsa keessa darban tokko ykn kan walfakkaatu qophaahuufiin irra hin jiraatu. Kana waan ta'eef Manni Murtii dhimmoota adda addaatiif bu'uura garaagarummaa isaanii fi yeroo qophiif gaafatuun (range of management and preparation requirements for cases filed) akka haala dhimmichaatti sirna hordoffii dhimmootaa adda addaa (multiple tracks for processing of cases) hojii irra akka oolchuu malu muuxxannoon biyyoota biroo ni argisiisa.[11]

1.3 Kaayyowwan Bu'uuraa Sirna Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa

Hooggansi dhangala'a dhimmootaa kaayyoo mataa isaa danda'e kan qabuudha.[12] Isaanis akkaataa armaan gadiitiin mee yaa ilaallu:

- Darabee fi yeroo dhimmootni ittiin keessummeeffaman tilmaamamoo fi si'aawaa taasisuu,
- Dhimmi himatamtoota hundaa wal qixxummaan akka simatamu taasisuu,
- Haala dhimma tokkoon tokkoo jiddu-galeessa godhachuudhaan akkaataa si'aayinaan itti xumuramu qabaachuu (have timely disposition consistent with the circumstances of the individual case)
- Haqummaa ykn bu'aa qabeessummaa tajaajila Mana Murtii fooyyessuu (enhance the quality of the court process)
- Amantaa hawaasni Mana Murtii irratti qabu fooyyessuu (enhance public confidence in the court)

Walumaagalatti sirni bulchiinsa dhangala'a dhimmootaa amaloota bu'uuraa kanaan gaditti ibsaman ni qabaata:-[13]

- Galmeeleen yeroo banaman irraa hanga xumuramanitti sochii isaanii hordofuu fi too'achuu (supervision and control of the movement of cases from the time of filing through final disposition)

Kun ammo imaammata fi adeemsa sochiin dhimmootaa sadarkaa hunda isaanitti ittiin tooataman fi hordofaman baasuu fi hojiirra oolchuu ni dabalata.

- Istaandaardii yeroo, (kana yoggaa jennu dhimmoota gosaa fi qoodama isaaniitiin addaan baasuudhaan yeroo itti xumura argatan murteessuu akka ta'e hubachuutu nurra jiraata). Qixa kanaan sanada Manni Murtii Waliigalaa qorannoo Jijjiirama Bu'uuraa Adeemsa Hojii Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa (Kadeemsise irratti hundaayuudhaan qopheesse haala uunkaa arman gadiitiin (unkaa Lakk. ----------) dhiheessuf yaalii taasisnee jirra.
- Istaandardiin yeroo bahe hojii irra ooluu isaa mala ittiin too'annuu (a system of monitoring time standards)
- Sirna adda baafannaa dhimmoota qabannaa addaa barbaadan ittiin beeknu *(identification procedures for cases that require special handling procedures)*
- Dhimmoota istaandaardii yeroo bahe keessatti hin kufne keessummeessuuf sirna nu barbaachisu *(procedures for handling cases out side the timelines standards)*
- Falmii dhagahuuf sirnoota gargaaran *(procedures for setting trials)*

Haala dhimmootni erga xumura argataniin booda bifa ol'iyyannootiinis ta'ee raawwii tiin itti fufan xiqqeessuuf sirna gargaaru *(procedures for minimising continuances)*

Unkaa Lakk. 1:- ***Istaandaardii yeroo dhimmootni Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa keessatti ittiin xumura Argatan***

Lakk.	Gosa Dhimmaa	Yeroo Itti xumura Argatan
1	Falmii raawwii	Ji'a 1
2	gaaffii mirga wabii, jecha himatamaa bu'uura S.S.A.Y. lakk. 35 tiin fuudhuu, gaaffii ballama yeroo, galmee himatnaa tiraafikaa (kan falmii addaa hin qabne) fi kkf	Sa'aa 48
3	Falmii hojii hojjataa fi hojjachiisaa	Ji'a 2
4	Falmiiwwan seera waliigaltee, seera waliigalteen osoo hin jiraatiin itti gaafatamummaa dhufu, seerota waliigalteewwan adda addaa, seera walta'iinsa bulchiinsaa, seerota qabeenyaa irratti hundaayanii ka'an,	Ji'a 3
5	Falmii jeequmsi naaf yaa dhaabbatu jechuun ka'u	Ji'a 1
6	Falmiiwwan Seera maatii irratti hundaayanii ka'an, (dhimmichi yeroo jaarsummaa maatii harka turu osoo hin dabalatiin)	
7	Dhaaltummaan naaf haa mirkanaawu gaaffiin jedhu (yoo gareen lama wal falman malee)	Bultii 21
8	Yakkoota cimaa kanneen akka ajjeechaa namaa S.A.Y. kee. 539, 540, 541; yakka saamichaa S.A.Y. kee. 670, 671 fi yakkoota aangoodhaan fayyadamuu	Ji'a 3
9	Yakkawwan xixiqqoo (petty offences) hunda	Bultii 10
10	Yakkoota biroo ilaalchisee haalli addaa yoo jiraate malee himatni dhihaatu	Ji'a 2
11	Guddifachaa mirkaneeffachuudhaaf iyyata dhiyaatu	Ji'a 1
12	Dhimmoota sivilii biroo irratti hundaayee himata dhiyaatu hunda	Ji'a 3

Wanti guddaan as irratti hubachuu qabnu tokko bu'uura uunkaa armaan olitti kaa'ameetiin karoorfachuun wanta tokko ta'ee bu'uura karoorfame kanaan

hojiirra oolmaa isaa hordoffii cimaa gochuun daraan murteessaa ta'uu isaati. Hordoffii kana taasisuu keessatti shoorri sirni daataa beezee armaan gaditti ilaallu salphaa miti. Unkaan kun akka nutti mullisutti, dhimmootni hundi yoo baay'ate ji'a sadi keessatti xumura argachuu qaban. Kana hojiirra oolchuun ammo, haala kanaan dura ture yommuu ilaallu dhimmootni yeroo dheeraa kan itti fudhatu waan ta'eef, yeroo lafa kaayame kana keessatti xumura akka argatan gochuuf adeemsa keenya fi ilaalcha keenya irratti jijjiirama bu'uuraa fiduun daran murteessaa ta'uu isaati.

Qabxiilee Marii

1. Manneen Murtii naannichaa keessatti yeroo ammaan kana hooggansi dhimmootaa jira jechuun ni danda'amaa? Abbootii Alangaa gama ilaaluunoo?
2. Hooggansi dhimmootaa mana murtii keessatti sadarkaa falmii kam irratti jalqabuu qaba? Maaliif?
3. Hooggansi dhimmootaa Abbootii Alangaa biratti yoom jalqabuu qaba? Maalif?
4. Kaayyowwan hooggansa dhangala'a dhimmootaa armaan olitti ilaalleen ala itti dabalamuu qaba kan jettan yoo jiraate tarreessaa.

KUTAA LAMMAFFAA

FAAYEDAA, YAADRIMEEWWAN FI MALAWWAN HOOGGANSA DHANGALA'A DHIMMOOTAA

Kutaan kun hojimaata hooggansa dhangala'a dhimmootaa sirnaan hojiirra oolchuun maal akka fayyadu ni ilaalla Bu'aan sirna kanaa hangam tokko jijjiiram akka fiduu danda'us ni ilaallaKanumaan walqabatee, yaadrimeewwan hooggansa dhangala'a dhimmootaa hojiirra oolchuuf nu gargaaran fi hordofamuu malan maal akka ta'an ni daawwanna. Bifuma walfakkaatuun, mallawwan ykn tooftalee sirni hoooggansa dhangala'a dhimmootaa ittiin hojiirra oolu adda baasuuf ni ilaalla. .

Kaayyoon kutaa kanaatiis, leenjitootni faayedaan hooggansa dhangala'a dhimmootaa maal akka ta'e adda baasudhaan erga hubataniin booda kallattii kanaan hojiirra oolchuuf kaka'umsa akka horatan taasisuudha. Hooggansa dhangala'a dhimmootaa hojiirra oolchuuf yaadrimeewwan ittiin qajeelfamuu qaban beekudhaan gara hojiitti gaafa galan bu'uuruma sanaan akka fayyadaman taasisuudha. Kanumaan walqabatee yaadrimeewwn kana hojiirra oolchuuf tooftalee itti fayyadamuu qaban takka lamaan akka hubatan fi hojii irra oolmaa sirnichaa irratti akka rakkoon hin quunnamne taasisuudha.

2.1 Faayedaa Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa

Sirni hooggansa dhangala'a dhimmootaa faayidaawwan heddu qaba. Barreeffama kana keessatti isaan gurguddoo ta'an fi barreeffamoota adda addaatiin huwwisa argatan qofa irratti xiyyeeffanna.

2.1.1. Lafarra harkifatiinsa falmiilee ni hir'isa:

Akkuma armaan dura ibsuuf yaalletti deemsa falmii keessatti hojiileen raawwataman kan beekamanii fi yeroon itti raawwatamanis kan murtaayeefii dha. Sababni addaa fi humnaa ol ta'e yoo qunname malee adeemsotni hojii sochii galmee keessatti qunnaman hundi yeroo murtaayeef keessatti ni raawwatamu. Adeemsotni hojii jiran hundi haala kanaan kan raawwataman yoo ta'e falmichi jalqabamee hanga xumuramutti yeroon fudhatu garmalee hin dheeratu. Sirna kana hojii irra oolchuudhaan Manneen Murtii yeroo falmiileen fudhatan haala sirrii ta'een hoogganuu fi lafarra harkifatiinsa dhimmootaa hir'isuu ni dandayan. Haqni ture haqa hin kennamne waan ta'eef kana dhabamsiisuuf sirna hooggansa dhangala'a dhimmootaa diriirsuun murteessaa dha. Kana irraa ka'uudhaan hayyootni heddu kaayyoowwan bu'uuraa Mana Murtii galmaan gayuuf lafarra harkifatiinsa dhimmootaa hir'isuuf hojii raawwatamu hojiin caalu hin jiru kan jedhan.[14]

2.1.2. Baasii falmii ni hir'isa:

Dhimmoota yeroo gabaabaa keessatti xumuruun deddeebii Abbootiin Dhimmaa Mana Murtiitti taasisan xiqqeessuudhaan baasii ni hir'isa. Adeemsotni falmii jiran hundi yeroo murtaaheefitti kan raawwataman yoo ta'e baasiin maallaqaa fi dhamaatiin Abbootii Dhimmaa irra gahu gadi bu'a.[15] Fakkeenyaaf Manni Murtii ragaa dhagayuuf yammuu baallamu gareen falmitootaa gama isaaniitiin qophii ol'aanaa taasisu, ragoota isaanis bakka jiran irraa gara Mana Murtii ni geessu. Qophiin kun hundi taasifamee Manni Murtii ragoota dhiyaatan kan hin dhageenye yoo ta'e gareen falmitootaa fuula duratti qophii fi baasii walfakkaatuuf ni saaxilamu.

Jijjiirraa baallamaa godhamuunis waan miidhamaniif raawwannaa Mana Murtii komachuuf ni dirqamu.

Haa ta'uu malee sirni hooggansa dhangala'a dhimmootaa kan diriire yoo ta'e ajandaaleen Mana Murtii waan amanamaniif rakkoon akkanaa hagas mara hin qunnamu. Adeemsotni dhimmootni keessa darban ajandaa qabamee tiin raawwatamuun isaanii baasii garee falmitootaa qofa otoo hin taanee baasii Mana Murtiis gadi buusa.

2.1.3. Lakkoofsi Dhimmoota murtaayanii Akka Dabalan Taasisuu

Dhimmi tokkoon tokkoon isaa sirna kamiin akka ilaalamuu fi yeroo hammamiif Mana Murtii keessa akka turu ni beekama. Falmicha xumura argachiisuuf hojiileen raawwataman hundi yeroo fi haala karoorfameef keessatti ni raawwatamu; kana gochuudhaan Manni Murtii falmiilee si'aayinaan kan murteessu qofa odoo hin taane yeroos sirnaan kan itti fayyadamu waan ta'eef yeroon garmalee gubatu baay'isee kan hir'atu ta'a. Haala kanaan yeroon qusatamu Abbootii Seeraas ta'ee hojjattootni biroo hojiilee biroo akka raawwatan carraa kennaaf. Abbootiin Seeraa murtiiwwan dabalataan keennuu akka dandayan haalli mijaayaan ni uumamaaf. Manni Murtii sirna hooggansa dhangala'a falmiilee fi yeroo isaa sirnaan bulchuuf isa dandeessisu hojii irra otoo hin oolchin dura murtiiwwan kennuu dandayuun olitti dachaa hedduun deemuudhaan murtiiwwan heddu dabalataan murteessuu ni dandaya.[16]

Manni Murtii murtiiwwan heddu kennuu yoo danda'e, Heera Mootummaatiinis ta'e seera biraatiin tajaajila haqaa si'aayina qabu kennuuf dirqama irra kaayame bayou ni dandaya. Manni Murtii tajaajila haqaa si'aawaa ta'e kennuu yoo danda'e ammo bu'aa qabeessummaan isaa ni dabala.

2.1.4. Amantaa hawaasaa Horachuu:

Haqa sirnaan kennuu biyyi hin dandeenye nageenya amansiisaa fi guddina diinagdee fuulla'aa ta'e fiduu ykn uumuu hin dandayu. Haqa sadarkaa barbaadamuun qulqullina isaa eegate lammiileef kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e lammiileen qaamolii haqaa irratti amantaa waan dhabaniif filannoowwan biroo harkaa qabanitti fayyadamuuf kan yaalan ta'a.

Adeemsi akkanaa nagaya kan hin mirkaneessine waan ta'eef eegumsi bilisummaa, lubbuu, qabeenyaa fi kabaja lammiileetiif godhamuu malu akka malee ni haphata.

Haalli hawaasummaa badaan akkanaa kan uumamu qaamoliin haqaa keessattuu Manni Murtii tajaajila haqaa si'aawaa fi loog-maleessa kennuu yoo dadhabee dha. Qaamni haqaa muummichi kun rakkoo akkanaa keessa akka hin galle falmiilee dhiyaataniif sirnaan bulchuuf sirna dhangala'a falmiilee hojiitti jijjiiruudhaan of gargaaruutu irra jiraata.[17]

Sirni hooggansa dhangala'a falmiilee teknikaa fi dandeettii adeemsa murtii haalaan bulchuu dandeessisu Mana Murtii gonfachiisuu kan danda'u waan ta'eef falmiileen saffisaan xumuramu, baasiin falmiif bahu ni hir'ata, Manni Murtii murtiiwwan heddu dabalataan kennuu akka dandayu isa taasisa. Sababa kanaanis ummatni haqa barbaadu tajaajila haqaa si'aawaa fi loog-maleessa argachuu ni dandaya. Dheebuun haqa argachuutis ni bahama. Hawaani fedhiin bu'uuraa haqa argachuuf qabu yoo guutameef nageenyi amansiisaa fi guddinni diinagdee ni mirkanaayaaf. Amantaani fi kabajni hawaasni qaamolii haqaatiif qabu ni cima. Manni Murtii amantaa fi jaalala hawaasa tajaajiluu yoo argate, ergama isaa galmaan gayaa jiraachuu isaatiif ragaa dha.

2.2 Yaadarmeewwan /Principles/Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa

Barreeffamoonni ekispartootaan dhimmicha irratti barreeffaman kan nutti argisiisan sirni hooggansa dhangala'a falmiilee yaadarmeewwan /principles/ torba akka qabuudha.[18]

a) Hooggansa fi Kutattummaa Mana Murtii:- Abbootiin Seeraa Mana Murtichaa hooggansa dhangala'a falmiilee ilaalchisee itti gaafatamummaa qabaachutu irra jiraata. Kana jechuun Abbootiin Seeraa tokkoon tokkoon isaanii dhimmoota jalqabaa kaasee hanga xumura argatanitti too'achuu irratti shoora ijoo taphachuu qabu. Hojilee namoota heddu, kan akka Abukaattotaa, garee falmitootaa ofiseroota seeraa fi hojjettoota deeggarsaa qindeessuudhaaf hooggansi cimaan /active leadership/ Abbaa Seeraa barbaachisaadha. Kana malees, qindoominni Prezidaantii Mana Murtichaa fi qaama hooggansaa adda durummaatiin dhimmicha irratti itti gaafatamummaa qabuu sirna hooggansa dhangala'a dhimmootaa diriirsuudhaaf barbaachisaadha.
b) Marii Mana Murtii /Court Consultation/:- Abbootiin Seeraa hooggansa dhangala'a falmiilee irratti shoora ol'aanaa kan qaban ta'uun isaa akka eegametti ta'ee, qaamota haqaa biro faana mari'achuu fi walitti dhufeenya gaarii qabaachuun adeemsa bu'aa-qabeessa lafarra harkifannaa dhimmootaa salphisuudhaan kaayyoo hooggansa dhangala'a dhimmootaa fiixaan baasuuf nu gargaarudha. Mariin gosa akkanaa jiraachuun isaa hooggansi dhangala'a falmiilee sirna qabeessa fi tilmaamamoo ta'e akkasumas gabatee yeroo lafa kaa'ameef keessatti raawwatamuu danda'u uumuu keessatti gargaarsa mataa isaa ni qabaata.
c) Jijjiirama Hojii Galmee Hordofuu/Court Supervision of Case Progress/:- Abbootiin Seeraa galmeelee guyyaa itti hundeeffaman irraa kaasee dammaqinaan hordofuu fi yeroo itti murtii argachuu qaban lafa kaayufiidhaan karoorfachuutu irraa eegama. Yommuu kana jennu garuu yeroo gahaa qabachuudhaan dhimmoonni xiyyeeffannoo akka argatan gochuun murteessadha. Fooyya'iinsa galmeedhaan walqabatee jiru

hordofuun jalqaba irratti dhimmoota fala argachuu qaban akkaataadhuma amala isaanitiin fala itti laatuudhaan kanneen hafan ammo sirnaan hoogganuudhaan xumura irra gahuuf nama gargaara.

d) Istaandaardii fi Galma /Standard and Goals/:-Qaamota dhimmichi kallattiin ilaallatu keessumattuu Abukaattota faana mariin erga taasifameen booda, sadarkaan falmiilee tokkoon tokkoon isaanii yeroon isaan fudhatan ni murteeffama. Jecha birootiin, Abbootiin Seeraa gabatee yeroo akka waliigalaatti lafa kaayuun gamatti fooyya'iinsa falmiilee yeroo yerootti jiru ni hordof. Falmileen tokko tokko yeroo lafa kaayameefiin ala deemuun isaanii fudhatama qabaachuu ni danda'a. Haata'u malee, yommuu akkanaa sababni gahaan jiraachuu fi haala kaayyoo hooggansa dhangala'a falmiilee hin faallessineen ta'uu qaba.

e) Too'annoo fi Sirna odeeffannoo/Monitoring and Information System/:-Hooggansi dhangala'a falmiilee bua'-qabeessa ta'ef sirni raawwin falmiilee jalqabaa hanga dhumaatti ittiin too'atamu barbaachisaadha. Sirni kun, jijjiirama falmiilee tokkoon tokkoon isaanii irratti mullattu ilaalchisee odeeffannoo gahaa laatudhaan bulchiinsi mana murtii akka mijatu gochuun gamatti irra caalatiin si'oominni falmiin tokko ittiin gaggeeffamaa jiru maal akka fakkaatu meeshaa namatti argisiisudha. Yeeroo, kaayyoo, tilmaamamoo fi istaandaardii lafa kaayameen hojjechuuf wanta nu gargaarudha.

f) Yeroo Falmiin itti Gaggeeffamu murteeffachuu/Scheduling for Trial Date/:-Hooggansi dhangala'a falmiilee bu'a-qabeessa ta'e qabaachuuf guyyaa dhumaa/deadline/ falmiin itti gaggeeffamu lafa kaawwachuun murteessadha. Lafarra harkifannaan dhimmootaa haqni akka hin jiraanne taasisuun isaa wanta haalamu miti; kanaafuu, bu'aa haqa-qabeessa ta'e tokko irra gahuuf yeroo qabatama fi amanamaa ta'e lafa kaawwachuu fi murteeffachuun daran murteessaa ta'a. Kana malees, yeroo gabaaban ogeessonni seeraa dhimmichaan walitti-hidhiinsa qaban dhimmoota

tokkoon tokkoof xiyyeeffannoo gahaa akka kennan karoorfamee bu'uuruma kanaan dhimmoonni xumura argachuu akka danda'an gochuun barbaachisaadha.

g) Imaammata Beellama Daangessu/Restrictive adjournment Policy/:- Hanga ta'een, bu'a-qabeessummaa hooggansa dhangala'a dhimmootaa cimsuuf imaammata beellama daangessuu hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Abbootiin Seeraa, ogeessotni dhimma qabaattota ta'an yeroon akka qophaayan onnachiisuuf, yeroo lafa kaayameen ala dhimmoota beellamuu xiqqeessuu qaban.

2.3 Malawwan Sirni Hooggansa Dhangala'a Dhimmootaa Ittin Hojiirra Oolu

Imaammatni hooggansa dhangala'a dhimmootaa armaan olitti tarreeffaman tooftalee hooggansi dhangala'a dhimmootaa ittiin hojiirra oolan faana ilaalamuu qabu. **S**irni hooggansa dhangala'a dhimmootaa lafarra harkifatiinsa falmiilee dhabamsiisuuf tarsiimoo Manneen Murtii itti gargaaraman ta'uusaa fi faayidaawwan inni kennu armaan olitti laaluuf yaaluun keenya ni yaadatama. Amma ammo malawwan Manneen Murtii sirna kana hojiitti jijjiiruuf isaan gargaaru bal'inaan ilaaluuf yaalii taasifna. Falmiin jalqabamee hanga xumuramutti dhimmoota Mana Murtii harka jiran haalaan hoogganuuf malawwan beekamoo shanitu jira.[19]

2.3.1 Too'annoo adeemsa galmeelee Mana Murtii yeroo eeggatee fi itti fufiinsa qabu:-

Jaarraa 21[ffaa] keessatti damee ogummaa kanaa ilaalchisee amantaan jiru deemsa falmii keessatti fooyya'iinsa sochii falmiileen agarsiisan too'achuu kan qabu Mana Murtiitii malee garee falmitootaa ta'uu hin qabu kan jedhu dha. Manni Murtii sochii falmiin eegalee hanga xumuramutti jiru too'achuu qaba.[20]

Haala kanaan Manni Murtii hordoffii fi too'annoo sirrii ta'ee fi wal irraa hin citne yoo taasise falmiileen yeroo gabaabaa keessatti furmaata ni argatu. Kaayyoon bu'uuraa mala kanaa falmiileen adeemsota jiran hunda keessa darbuun odoo isaan hin barbaachisin furmaata akka argatan gochuudhaan baasii garee falmitootaa fi Mana Murtii hir' isuu dha.

Bu'uura mala ykn tarsiimoo kanaatiin Manneen Murtii haala dhimmootni Mana Murtii alatti xumura itti argatan qorachuun hojii irra oolmaa isaanii akka mijeessan, iyyannoowwan Mana Murtiitti abbaan seerummaa irratti kennamuu hin malle akka adda baasanii fi falmiileen guyyaadhuma banaman irraa eegalee sadarkaa adeemsa hojii tokko irraa gara sadarkaa itti aanuutti yoggaa ceehan yeroo murtaaheef keessatti ta'uu isaa mirkaneessuutu irra jiraata. Falmiileen yeroo yeroon hordoffiin wal irraa hin citne kan irratti godhamu yoo ta'e yeroon Mana Murtii keessatti rarra'anii itti turan sadarkaa ol'aanaadhaan waan gadi bu'uuf Manneen Murtii tajaajila haqaa saffisaa ta'e kennuuf dirqama irra jiru galmaan gayuuf isaan dandeessisa.[21]

2.3.2. Dhimmoota addaan qoodanii Hoogganuu :-

Malli kun Manneen Murtii sochii galmeelee bifa itti fufiinsa qabuun kan ittiin too'atanii dha. Falmiileen Abbootii Seeraa fi abukaatota irraa xiyyeeffannaa barbaadaniin akkasumas xumura argachuuf yeroo fudhataniin adda bayu ni dandayu. Falmiileen amala uumama isaanii tiin ykn ijoo dubbii kaasisaniin kan adda hin bane yoo ta'e falmiilee hundaaf sirni wal fakkaatuu fi gabateen yeroo hojii irra ni oola.[22]

Akkuma beekamu seeerota deemsa falmii sivilii fi yakkaa keenya keessatti falmiilee adda addaatiif sirni adda addaa tumamee jira. Seerri Deemsa Falmii Sivilii falmiilee akka waliigalaatti bakka sadiitti addaan qoodee jira jechuun ni dandayama.[23]

a) Dhimmoota sirna idilee tiin ilaalaman

Dhimmootni akkanaa himata himataan dhiyeesseef himatamaan falmii gama isaatiin jiru dhiyeeffachuu kan itti danda'uu fi raga dhagahuun guutumaan guutuutti kan itti raawwatamuu dha.[24]

b) Dhimmoota sirna gabaabaa tiin ilaalaman

Dhimmootni gosa akkanaa ammo Seera Deemsa Falmii Sivilii 284 fi kan itti aananii jiran bu'uura gochuudhaan kan dhiyaatanii dha. Falmiilee akkanaa keessatti falmiin himataan dhiyeessu hangi isaanii kan mirkaanaa'e, waliigaltee barreeffamee fi sanadoota daldalaa daddarban (negotiable instruments) irratti kan bu'uureffaman waan ta'eef akkasumas jecha kakuutiin deeggaramanii kan dhiyaatan ta'uu isaatiin himatamaan himata irratti dhiyaate akka falmiilee lakkoofsa 1 jalatti ibsamaniitti ofirraa ittisuu hin dandayu.

Ofirraa ittisuu yoo barbaade qabxiilee qixa kanaan na gargaaran jedhu tarreessuudhaan ofirraa ittisuun akka hayyamamuuf guyyaa 10 muuxxannoodhaan baratame keessatti Mana Murtiif tarreessee dhiyeessuutu irra jiraata. Manni Murtiis gaaffiin qixa kanaan dhiyaate sirrii ta'uu isaa yoo amane ni hayyamaaf, kana ta'uu dhabnaan garuu himataaf ni murtaaya.

c) Dhimmoota sirna ariifachiisaan ilaalaman

Dhimmootni akkanaa Seera Deemsa Falmii Hariiroo keewwata 300 fi tumaalee seeraa itti aananii jiran bu'uura gochuudhaan kan dhiyaatanii dha. Fakkeenyaaf maqaa jijjiirrachuuf iyyannoo dhiyaatu, gaa'illi akka hin raawwatamne mormuuf iyyannoo dhiyaatu, ragaan abbaa qabeenyummaa akka hin kennamne qaama

bulchiinsaa dhimmi ilaaluun murtii dabre jijjiirsisuuf iyyannoo dhiyaatuu fi kan kana fakkaatan sirna ariifachiisaatiin dhiyaachuu ni dandayu. Iyyannoowwan kun jecha kakuutiin deeggaramanii kan dhiyaatan yoo ta'u gar-tokkee isaaniitiif himatamaan deebii akka irratti kennu kan taasifamuu fi guyyaa 15 yeroo hin caalle keessatti kan murtaayuu qabanii dha.

Seera Deemsa Falmii Yakkaa keenya yammuu ilaallu, akka waliigalaatti sirnoota sadi himannaan ittiin dhiyaatu qaba.

a) **Sirna idilee:-** Sirni kun sirna yakkoota ciccimoo fi himatamtootni umriin isaanii waggaa 16 ol ta'e ittiin keessummeeffamanii dha.
b) Sirna darbiinsa danbii:- Sirni kun ammo sirna yakkootni xixiqqaan ittiin ilaalaman ta'ee nama danbii darbuudhaan himatamu sana kan hidhaan hin adabsiisne ykn adabbii maallaqaa xiqqaa ta'een kan nama adabsiisan akkasumas danbii tiraafiikii darbuutiin falmiilee nama adabsiisan kan ilaallatuu dha.
c) Sirna falmiileen dargaggoota badii raawwatanii ittiin ilaalaman:- Sirni kun sirna dargaggootni umriin isaanii waggaa 16 gadi ta'an badii raawwatanii yammuu argaman himannaan yakkaa isaan irratti ittiin dhiyaatu dha.

Seerotni deemsa falmii hariiroo fi yakkaa keenya falmiilee akkaataa gosa isaaniitiin adda baasuudhaan sirna garaagarummaa qabuun mala ittiin keessuummeessuun dandayamu tamanii jiru. Falmiileen ijoo dubbii kaasisaniin, eenyummaa garee falmitootaatiin akkasumas ulaagaa madaallii biraatiin addaan akka bayan godhamuu odoo baatee, falmiileen hundinuu adeemsa tokkoo fi walfakkaatuun ni keessummeeffamu ture.

Dhimmootni haala asiin dura ibsameen adda bayou dhabuun isaanii sirna ittiin keessummeeffaman qofa osoo hin taane dhimmootni hundi Mana Murtii

keessatti yeroo fudhataniin akka wal fakkaatan taasisa. Kana irraa kan ka'es Manneen Murtii dhimmoota irratti murtii kan kennan akkaataa wal duraa duubummaa dhufaatii isaaniitiin malee xiyyeeffannaa Mana Murtii irraa isaan barbaadaniini miti. Sababa kanaan dhimmootni tokko tokko yeroo itti murtaayuu malaniin dura kan murtii argatan yoggaa ta'u gar-kaan ammo akka malee turanii murtaayu.

Manneen Murtii akka baay'inaa fi bifa dhimmoota keessummeessaniitiin falmiilee harka isaanii jiran addaan qooduutu irra jiraata. Falmiileen sirna idileetiin ilaalaman mataan isaanii qixa tokkoon yeroo walqixa ta'e Mana Murtii kan hin gaafatne waan ta'eef akka barbaachisummaa isaatti isaan jidduttillee garaagarummaa uumuun barbaachisaa dha. Falmiilee addaan qooduudhaan gita gitaan ramaduun murteessaa yoggaa ta'u kunis haala Manni Murtii keessa jiru kan calaqqisiisu ta'uu qaba. Kanaan alatti Manneen Murtii dhimmoota harkaa qaban gita hammanaa irratti ramaduu qaban ilaalchi jedhu hin jiru.

Dhimmoota si'a tokko yoo addaan qoodnee fi gita gitaan yoo ramadne akkuma Mana Murtii dhufaniin adda bayanii gita itti ramadamanitti galanii too'annaan barbaachisaa ta'e irratti godhama. Manni Murtii kana hojii irra oolche falmiilee harka isaatti argaman sirnaan bulchuu fi too'achuu akkasumas tajaajila haqaa qulqullina qabu kennuu ni dandaya. (Unkaa Lakk. 1 armaan olitti lafa kaayame ilaaluun ni danda'ama)

2.3.3. Ragaan Osoo Hin Dhagayamin Dura Baallamootni Kennaman Amanamaa Akka Ta'anii fi Hojiileen Mana Murtii Sadarkaa Kanatti Raawwataman Dhimmoota Gara Xumuraatti Kan Geessan Ta'uu

Asiin olitti akka ibsametti falmiileen si'aayinaan yeroo karoorfameef keessatti xumuramuu isaanii kan mirkaneessu Mana Murtii malee garee falmitootaati miti. Manni Murtiis kana raawwachuu akka dandayu baallamni kennu kan kabajamuu fi wanti karoorfates kan raawwatamu ta'uutu irra jiraata. Kana raawwachuu yoo dandaye gareen falmitootaa baallama kennameefitti yeroo qophii gayaa ta'e waan argatanii fi bu'uura qophii taasisaniinis dhimmi irratti qophaayan waan raawwatamuuf yeroo mara qophaayanii akka dhiyaatan isaan taasisa. Hojiileen yaadaman qixa kanaan kan raawwataman yoo ta'e raawwiin kun bu'uuraan falmiilee gara xumuraatti ni deemsisa.

Fakkeenyaaf falmii hariiroo yoo fudhanne Manni Murtii raga osoo hin dhagayin dura himata dhagayuutu irra jiraata. Manni Murtii himata kan dhagayu gareen falmitootaa dhimma irratti wal dhaban ykn waliigaluu dadhaban adda baasuudhaa fi ijoo dubbii ragaa irratti fuudhu hundeessuu akka dandayuufi.[25] Himata dhagayuuf baallama guyyaa qabatetti himata dhageeffatee dhimmoota ifa hin ta'in adda baasuudhaan ijoo dubbii hundeessuu qaba. Ijoo dubbii yoo hin hundeessine raga dhagayuuf haal-dureen barbaachisu kan hin guutamne waan ta'eef falmicha gara xumuratti hojii geessu raawwateera jechuun hin dandayamu.

Kun osoo hin taane hafee baallama qabametti himatni odoo hin dhagayamin baallamni kan jijjiirramu yoo ta'e falmichi xumura irraa akka fagaatetti turuu irra darbee gareen falmitootaa himatni fuula duratti akka dhagayamu taasisuuf kutannoodhaan akka hin qophoofne isaan taasisa. Sababni isaatis Manni Murtii sababa kanaa fi saniin salphaatti baallama kan jijjiiru waan ta'eef yeroon fi

maallaqni falmitootni qophiif balleessan bishaan dhakaa irratti dhangala'e ta'ee waan hafuufii dha. Baasii fi qophii wal fakkaatu baallamoota fuula duratti jiraniif taasisuuf ni dirqamu. Baasii kana dheessuufis yeroo Manni Murtii himata dhagayuuf qophaayuttillee jijjiirraa baallamaa ni gaafatu. Kunis baallamni baallama irraan akka kennamuu fi falmiileen akka lafarra harkifataniif karaa saaqa. Gochi akkanaa akka hin uumamne Manni Murtii baallama kenne irratti hojii nan raawwadha jedhe yeroodhuma sanatti raawwachuu qaba. Jijjiirraa baallamaatis sababa gayaan alatti salphaatti hayyamuun irra hin jiraatu.

2.3.4. Guyyaa Amanamaa fi Hin Jijjiiramne Ragaan Itti Dhagayamu

Ragaan baallama duraa itti dhagayamuuf kennametti dhagayamuu qaba. Ragaan guyyaa baallamametti kan hin dhagayamne yoo ta'e falmitootni ragaa isaanii qabachuudhaan qophaayanii hin dhiyaatan. Manni Murtiis sababa gayaa tokko malee baallama jijjiiraa dhimmotni akka harkifatan taasisa. Haa ta'uu malee Manni Murtii ragaa guyyaa baallametti kan dhagayuu fi murtiis si'aayinaan kan kennu ta'uu isaa gareen falmitootaa yoo beekan falmiileen isaanii Mana Murtiin alatti xumura akka argatan waan dandayamu hunda ni raawwatu. Kunis baay'ina hojii Manneen Murtii irra jiru hanga ta'een ni hir'isa.

Tarsiimoo kana bu'aa qabeessa taasisuudhaaf Manni Murtii tooftaawwan armaan gadiitti fayyadamuu ni dandaya.

A/ Ragaan odoo hin dhagayamin dura falmiileen heddu murtii akka argatan gochuu:-

Asiin olitti akka ibsametti, ijoon dubbii hundaayee raga dhagayuuf yoo baallamame gareen falmitootaa kallattii ijoowwan dubbii qabamaniitiin cimina ragaalee qabanii tilmaama keessa galchuudhaan Mana Murtiittis ta'ee Mana

Murtii tiin alatti waliigaltee irra gayuuf waan dandayan hunda ni raawwatu. Falmiidhaan moo'atamuun maqaa gaarii fi kabaja garee moo'atamee kan miidhu waan ta'eef qunnamtii garee 3ffaa wajjiin taasisu irratti dhiibbaa uuma. Kanaafuu gareen falmitootaa carraan kun akka isaan mudatu gonkumaa hin fedhan.

Karaa biraatiin mala dhimmootni filannoowwan adda addaatiin Mana Murtiin alatti xumura itti argachuu dandayan barbaaduun faayidaa guddaa qaba. Falmiileen sirna kanaan xumura argachuun isaanii baay'ina hojii Manneen Murtii waan hir'isuuf Manneen Murtii dhimmootaa murtaawaa dhiyaataniif akkaataa karoorfataniin raawwachuuf carraa fooya'aa ta'e ni argatu.[26]

B/ Ulaagaalee qabatamaa baallamni ittiin kennamu teechisuu

Baallama kennuu gama ilaaluun rakkooleen Mana Murtii mudachuu dandayan lamatu jira. Karaa tokkoon humna isaatiin olitti baallama kennuu yoo ta'u karaa biraan ammo humna qabuun gaditti baallamuu dha. Humna qabuun olitti baallama kan kennu yoo ta'e Manni Murtichaa akkaataa baallama qabateetiin hanga dhagayuuf karoorfate dhagayuu hin dandayu. Kunis rakkoolee gurguddoo sadi kan hordofsiisu ta'a.

1ffaa Hojjattootni deeggarsaa garmalee baay'ina hojiitiif akka saaxilaman ni taasisa:-

- Baallama guyyaa baasuu,
- Galmeelee ittiin hin hojjatamne dhaddachatti deddeebisuu,
- Daataa ykn odeeffannoo galmeelee hin hojjatamne jedhamanii gara mana galmeetti deebi'anii kompiitaratti galchuudhaan galmeessuu.

2ffaa Gareewwan falmitootaas ta'ee abukaatotni ragaan guyyaa baallamametti kan hin dhagayamne yoo ta'e baasii isaanii xiqqeessuudhaaf jecha ragaa isaanii

osoo hin qabatinii fi hin qophaayin dhufu. Sababa kanaanis Manni Murtii gareewwan falmitootaa qophii taasisan muraasa qofa waan argatuuf Abbootiin Seeraa dhimmoota gareewwan qophaayanii dhiyaatanii qofa hojjachuudhaan warreen hafaniif baallama ni jijjiiru. Kallattii biraatiin ammo falmitootni hundinuu qophaayanii dhiyaatanillee baallamni waan jijjiirramuuf irra deebi'anii akka qophaayan waan isaan taasisuuf baasii fi dhamaatiin isaan irra gayu ni dabala.

3ffaa Abbootiin Seeraa ragaalee dhiyaatan hunda dhagayuu waan hin dandeenyeef sababa gayaan alatti baallama jijjiiruu isaaniitiin xiyyeeffannaan falmitootni qophiif godhan akka malee gadi bu'a; sababa kanaanis falmitootni baallama jijjiirametti qophii malee waan dhufuu dandayaniif Abbootiin Seeraa ba'aa hojii heddu otoo qaban hojii malee taa'uuf ni dirqamu.

Akkaataan Manni Murtii baallama ittiin kennu dhimmoota gara Mana Murtii dhufan, kan murtaayan, raga osoo hin dhagayin waliigaltee falmitootaa tiin furmaata kan argatan, dhiyaachuu dhabuu fi qophii gochuu dhiisuu falmitootaa tiin galmeelee cufaman tilmaama keessa galchuu qaba. Kana malees Manni Murtii haala falmiilee jiranii tilmaama keessa galchuu qaba. Fakkeenyaaf gosa falmichaa, tilmaama hanga falmichaa, hanga adabbii, ulfina falmichaa akkasumas malaa fi muuxxannoo falmii abukaatotaa fi kan kana fakkaatan.

C/ Imaammata cimaa jijjiirraa baallamaa

Manni Murtii ragaa dhagayuuf baallama qabate sababa amansiisaa fi gayaa malee akkuma ta'etti falmitootni gaafatanii qofaaf jijjiiruun irra hin jiraatu. Baallamni akka salphaatti kan jijjiirramu yoo ta'e abbootiin dhimmaa qophii barbaachisaa ta'e gochuudhaaf hin jajjabeeffaman. Yoo isaan hin qophoofne

ammo ragaan hin dhagayamu, falmichis furmaata argachuuf yeroo barbaadamuun olitti deema.[27]

Seerota Deemsa Falmii Yakkaa fi hariiroo keenya tiin Manneen Murtii baallama jijjiiruu kan dandayan ta'uun isaa ifaan tumamee jira.[28] Tumaaleen kunis yoggaa ilaalaman dhaamsi dabarsan yoo jiraate baallama jijjiiruuf sababni gayaan jiraachuu kan qabu ta'uu isaati.

Manneen Murtii haala kanaan baallama kan hin jijjiirre yoo ta'e falmiileen furmaata waan argachuu hin dandeenyeef Manni Murtii kan dandayuun olitti dhimmootni akka malee waan tuulamaniif raga dhagayuuf baallama kennu amanamaa fi kan hin jijjiiramne ta'ee akka fudhatamu hin taasisu.

D/ Abbootiin Seeraa eeggataa ta'an akka jiraatan gochuu

Ragaa dhagayuuf baallamni Manni Murtii kennuu humnaa ol akka tayan taasisu sababiiwwan jedhaman keessaa hojii gadi lakkisuu Abbootii Seeraa, muudamuu Abbootii Seeraa haaraa ta'an, dhimmootni adda addaa yeroo namaa hin kennine tasa qunnamuun isaanii fi ragaa dhagayuun yeroo tilmaamameen olitti deemuu isaati.

Kana dhabamsiisuuf Manneen Murtii tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisaa ta'e fudhachuutu irra jiraata. Kanaaf furmaata ta'uu kan dandayu Abbootiin Seeraa eeggataa ta'an akka jiraatan taasisuu dha.[29] Keessattuu Mana Murtii Abbootii Seeraa heddu qabu yoo ta'e Abbootiin Seeraa wal gargaaruudhaan sirni hooggansa dhangala'a dhimmootaa bu'aa qabeessa ta'e hojii irra akka oolu kutannoon hojjachuu qabu. Kana galmaan gayuuf garaagarummaa qixa mala hojiitiinis ta'ee ilaalchaan isaan jidduutti mul'atu dhiisuutu irra jiraata.

Ragaa dhaddachi tokko dhagayuu dadhabe dhaddachi biraa gargaarsaan dhagayuu waan dandayuuf qixa kanaan qindoominni hojii yoo jiraate ragaan osoo hin dhagayamin akka hin deebine taasisuun ni dandayama. Bu'aan kanaatis baallamni raga dhagayuuf kennamu amanamaa fi kan hin jijjiiramne ta'ee akka fudhatamu (firm and credible trial date) taasisa.

2.3.5. Bulchiinsa Dhaddachaa

Hojiilee qixa falmii ilaaluutiin Manneen Murtiitti raawwataman hunda keessaa himata dhagayuu fi raga dhagayuun yeroo dheeraa fudhata. Manneen Murtiitis hojiilee kana raawwachuuf yeroo isaan irraa fudhatuun garaagarummaa heddu qabu. Qorannoowwan gaggeeffamaniinis Manneen Murtii deemsa falmiilee kana too'achuu akka qaban ogeessota seera biratti yaada waliinii irra gayamuun isaa mirkanaayee jira.[30]

Manneen Murtii hooggansa dhimmootaa qixa ilaaluun gayee isaanii haalaan yoo taphatan tajaajila haqaa si'aawaa ta'e kennuuf akkasumas Abbootiin Seeraa hojiilee birootiif yeroo akka argatan taasisuu ni dandaya. Baallamootni gaggabaaboon himataa fi ragaa dhagayuuf kan qabaman yoo ta'e amanamaa fi kan hin jijjiiramne ta'anii akka fudhataman issuant taasisa. Banana kanaatis falmitootni qophaayanii guyyaa baallamaatti akka dhufan taasisa.

Abbootiin Seeraa falmiilee haalaan gaggeessuu akka dandayan ofii isaaniitiillee qophaayuutu irra jiraata. Manneen Murtii keenya keessatti kan ilaallu qophaayuu dhabuu falmitootaa qofa osoo hin taane qophaayuu dhabuu Abbootii Seeraatis. Kun dimshaashumatti deemsa falmiileen ittiin gaggeeffaman waan miidhuuf Manneen Murtii falmiilee harka isaanii jiran sirnaan gaggeessuu waan dadhabaniif sirni haqaa balaa irratti kufa.

Qabxiilee Marii

1. Dhimmi tokko akkaataa seeratiin haqa akka mullisutti murtaayuun fi dhiisuun isaa hjooggansa dhangala'a dhimmootatiin walitti dhufiinsi isaa fi garaagarummaan isaa maal akka ta'e adda baasudhaan irratti mari'adhaa.
2. Dhimmoota hoogganuu irratti itti-gaafatamummaan adda durummaatiin kan Abbootii Seeraa/Mana Murtii/ akka ta'u kan barbaadame maaliif isinitti fakkaata?
3. Hooggansi dhangala'a dhimmootaa manneen Murtii fi Abbootii Alangaa naannichaa biratti sadarkaan irra jiru maal akka fakkaatu ibsaa.
4. Hanqinaalee hooggansa dhangala'a dhimmootaa hojiirra oolchuudhaan walqabatanii jiraniif ka'umsi ykn sababni maal akk ta'e tarreessaa.
5. Milkaayina fi bu'aa qabeessummaa hooggansa dhangala'a dhimmootattif shoorri qaama hooggansaa ol'aanan taphachuu qabu maal ta'uu qaba?

HOOGGANSA DHANGALA'A DHIMMOOTAA KEESSATTI FAAYEDAA SIRNA TEEKINOOLOOJII HAMMAYYAA

Sirni teekinooloojii hammayyaa haala hubachuu dandeenyuun ala jiruu fi jireenya dhala namaa kallattii hundaan jiru jijjiiree jira. Manni Murtiitis sirna kana faana gara fuula duraatti tarkaafachuudhaan itti-fayyadamoo ta'uudhaan tajaajila seera hiikuu haqummaa fi si'oomina qabu laatudhaan hawaasa bal'aarraa amantaa horachuutu irra jiraata. Caarran sirna kanatti osoo hin fayyadamin jiraachuu manni murtii kaayyoo dhaabbateef galmaan gahuu keessatti fedhii uummataa dabalaa deemu faana deemudhaaf garmalee barbaachisaa akka ta'e barreeffamoota tokko tokko irraa hubachuun ni danda'ama.[31]

Kutaa kana keessatti teekinooloojii hammayyaa hojii hooggansa dhimmootaatiif gargaarsa laatan fi ittiin hojjetamaa jiran kan ilaallu yoo ta'u kaayyoon kutaa kanaatiis leenjitootni waayee sirna teekinooloojii hammayyaa hooggansa dhangala'a dhimmootaa wajjin walitti hidhiinsa qaban fi yeroo ammaan kanatti itti fayyadama sirna kanaa qixa ilaaluun bu'aawwan argachaa jirru fi tajaajila sirna kanaatti guutumaan guututti fayyadamuudhaan walqabatee hanqinaalee mul'atan maal akka ta'an hubachiisuudhaan sirnaan haala fayyadamoo ta'an irratti hubannoo akka argatan taasisuudha.

Biyyoonni tokko tokko keessumattuu kan akka Ameerikaa, Kanaadaa, Awustiraaliyaa, Siingappor fi Aafrikaa Kibbaa Manni Murtii isaanii sadarkaa hunda irratti argaman kallattii adda addaatiin bu'aa teekinooloojii irraa fayyadamoo akka ta'an tattaaffii ol'aanaa gochuudhaan addunyaa kana irratti adda durummaatiin akka beekaman isaan taasiseera. Manneen Murtii isaanis,

sirna teekinooloojii gosa adda addaa kan akka Viidiyoo Koonfaransii (VC), interneetiidhaan himata banachuu(E-Filing), meeshaa battalumatti jecha shaayedootaa fi deemsa dhaddachaa sagaleen waraabuudhaan gara barreeffamaatti jijjiiru(Real Time Transcription), sirna barreeffama sagaleetti jijjiiruudhaan akkasumas sagalee barreeffamatti jijjiirudhaan tajaajila kennu(Interactive Voice Recordor or Response) sirna daataa beezii fi kkf hojii irra oolchuudhaan hojii si'aayaa ta'e kennuu irratti argamu.[32]

Hooggansi dhangala'a dhimmootaa sirna sochiin dhimmootaa ittiin too'atamu akka ta'e ogeessitootni dhimmicha irratti barreessan ni ibsu. Sirnoota sochii fi fooyya'iinsa dhimmootaa Mana Murtii keessatti ittiin too'annu keessaa ammo inni tokko fi eddoon ol'aanaan kennamuuf, sirna teekinooloojii hammayyaatti fayyadamuudha. Hojimaata kompiyuutereessun fi teekinooloojii odeeffannootti gargaaramuun hojilee yeroo gabaabaa keessatti raawachuun yeroo qusachuuf nama tajaajila. Akkuma beekamu, sirni akkanaa kun hojilee harkaan hojjetamaa turan bakka bu'uudhaan tajaajila qabannaa galmeelee laachuu dhaan lakkoofsa galmeelee gar-malee dabalachaa dhufe kana faana akka deemnu nu gargaara.

Faayedaan koompiyuuteraa kallattii hedduun ibsamuu danda'a. Kompiyuterootni mana murtii fi qaamota haqaa kaan gedduutti odeeffannoo haala salphaa ta'een wal jijjiiruuf nama gargaaru. Mana Murtii keessattis haala salphaatti odeeffannoon sirna neetwoorkitiin /Local area net working system/ koompiyuuteratti fayyadamuudhaan akka wal jijjiiruun danda'amu nu gargaara. Kana malees, kompiyyuuterootni hojii murtaaye tokko raawwachuu keessatti faayedaan isaan qaban salphaatti kan tilmaamamuu miti. Qixa kanaan sagantaawwan adda addaa diriirsuudhaan baayyina galmeelee, Abbootii Seeraa fi Manneen Murtii keenyaa haala salphaatti argachuu akka dandeenyu gochuudhaan dhimmootni yeroo qabameef keessatti xumuramuu isaanii

mirkaneessuu fi lafarra harkifannaa dhimootaa hambisuun akka danda'amu ni gargaara.[33]

Hooggansi dhangala'a dhimmootaa, hayyoonni dhimmicha irratti barreessan akka ibsanitti, sirna teekinooloojii hammayyaatiin deeggaramuutu irra jiraata. Kunis dhagaha falmiin dura, yeroo dhagaha falmii fi murtiin booda sadarkaan dhimmootaa maal akka fakkaatu beekuuf, fooyya'iinsa dhimmootni guyyaa guyyaatti argisiisan tooachuuf, dhimmoota xiyyeeffannoo Abbootii Seeraa fi Oofiseroota Seeraaf akka dhihaatan taasisuu, odeeffannoo hooggansaaf oolan fi istaatistiksii barbaachisaa ta'e qopheessuf daraan nama gargaara. Haala kanaanis yeroo heddu mana murtii keessatti faayedaa gosa akkanaa laatuudhaan kan beekamu sirna odeeffannoo hammayyaatiin dhimmoota hoogganuu fi sirna dhimmootni ittiin hordofaman /Automated case management information system and the case tracking system/ dha.[33]

Sirni hooggansa dhimmootaa dhimmoonni ittiin too'ataman odeeffannoo gahaa fi qulqulluu sirna hordoffii dhimmootatiin (Case Tracking System) qindaaye barbaada. Sirni kunis, seena galmee tokkoo kaalanderii ykn akkaataa baallamawwan isaa, istaatistiksiiwwan adda addaa hooggansaaf barbaachisan fi maallaqqa galmicha irratti kaffalamellee dabalatee kan bakka tokkotti qabatuudha. Sirni hordoffii dhimmootaa gaariin tokko goyyoota dhimmichi itti socha'e hunda haala qabatamaa fi walduraa duubummaa isaa eegateen hordofuutu irra jiraata. Dabalataanis, sirni kun, odeeffannoowwan biro faana quunnamtiin akka jiraatu taasisuudhaan odeeffannoowwan garaagaraa kan akka maqaa Abbaa Seeraa dhimmichaa keessummeessee, sadarkaa dhimmichaa fi kkf. Kan argisiisu ta'uutu irraa eegama.[34]

Sirni kun beellamni itti aanu yoom akka ta'e kan argisiisu waan ta'eef, galmeelen dhokatanii akka hin badne gochuudhaan sirni dhangala'a dhimmootaa akka

addaan hin citne taasisa. Akkuma waliigalaatti, sirni hordoffii dhimmootaa gaarin odeeffannoowwan dhimmootan walqabatan funaanudhaan, qindeessudhaan, hojjechuudhaan fi kuusudhaan itti-fayyadamtootni mana murtii keessaa fi alaatiif ni tamsaasa.

Sirni teekinoolojii hammayyaa kun biyya keenya keessattis yeroo ammaan kanatti guutumaan guututti fi qixa barbaadamuunis ta'uu dhabu, hojiirra ooluu irratti argama Sirna Viidiyoo Konferensiidhaan dhimmoota bakkuma jiranitti keessummeessuun kan itti hojjetame yommuu ta'u yeroo ammaan kanas nannoo keenya keessatti dhaddachi naannawaa akka hafu fi yeroo karaarra itti adeemmamu hojiif itti fayyadamuudhaan bu'a-qabeessummaa tajaajila mana murtii mirkaneessuun haala danda'amuun sirni viidiyoo konferensii bakka afur jechuunis magaalota Naqamtee, Shaashamannee, Adaamaa fi Finfinnee irraa akka darbu gochuuf haaldureewwan mijachaa waan jiruuf, akkasumas kanaan dura darbee darbee ittiin hojjetamaa waan tureef hojiirra oolmaan teekinooloojii kanaa mirkanaayaa jira.

Gama birootiin sirni 'IBR' sadarkaa Mana Murtii Federaalatti faayedaa kennaa waan jiruuf tajaajila naannoo keenya keessattis akka kennu gochuun hagas mara ulfaataa miti. Bara 1995 irraa eegalee Manneen Murtii keenya sadarkaa Mana Murtii Olaanaa fi Mana Murtii Waliigalaatti sirni daataa beezii akka diriiru gochuudhaan hojimaata hammayyoomeen sochii dhimmootaa hordofuun danda'ameera. Sirna daataa beezii kanaanis dhimmootni tokkoon tokkoon isaanii sadarkaa maalii irra akka jiran fi fooyya'iinsi isaan argisiisan hordofuudhaan tarkaaffii battalumatti irratti fudhachuun ni ddanda'ama.[35]

Dhimmootni fala osoo hin argatin Mana Murtii keessatti lafarra harkifachaa turanis adda bahanii kan mullatan waan ta'eef sababa yeroo dheeraaf turuu

dnada'an ilaaluun duursa argatanii murtiin akka itti laatamu gochuun ni danda'ama.

Sirni daataa beezii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa akka nutti argisiisutti galmeelen woggoottan dheeraaf murtii osoo hin argatin turan fi akkuma waliigalaatti hanga barreeffamni kun qophaayetti jiran unkaa armaan gadii keessatti ilaaluuf yaalii ni taasisna.

Unkaa Lakk. 2:- Unkaa galmeelee M.M.W.O. tti Ilaalamaa Jiran bara Itti banamaniin argisiisu

Gosa Dhimmootaa	1994	1995	1996	1997	1998	1999	2000	2001	Ida'ama
Yakka	1	6	16	133	263	732	2122	919	4,192
F/Hojii	0	0	0	1	1	9	35	25	71
H/Hawaasaa	0	1	3	51	346	1503	3282	1057	6243
Ida'ama	1	7	19	185	310	2244	5439	2001	10,506

Sirna koompiyuuteraayen hojileen heeddu kan hojjetamuu danda'amu ta'ullee, Manneen Murtii keenyas sagantaawwan adda addaa sirna kanaan deeggarame hojiirra oolchuu irratti kan argaman haata'u malee gama kanaan bu'aa teekinooloojii kanatti guutumaan guututti fayyadamneerra jechuun hin danda'amu. Hojjettootni daataa beezii irratti hojjetanis ta'ee Abbootiin Seeraa sirna kanatti fayyadamuuf ogummaa isaan dandeessisu kan hin qabne waan ta'eef bu'aa teekinooloojii kanatti fayyadamuu irratti hin argaman.

Sirni hordoffii dhimmoota keenyaa bu'a-qabeessa yoo ta'e, haalli odeeffannoo ittiin argannu salphaa waan ta'uuf yeroo fi baasii xiqqaadhaan galma barbaadame irra gahuun ni danda'ama. Abbootiin Seeraatiis ta'ee dhimma

qabaattotni sadarkaa fi guyyaa beellamaa dhimmichaa akka beekan fi itti fayyadaman ni taasisa.

Qabxiilee Marii

1. Sirni teekinooloojii hammayyaa bakka hin jirretti hooggansi dhangala'a dhimmootaa bu'aa-qabeessa ta'uu ni danda'a? Deebii keessan sababaan deggaruudhaan ballinaan ibsaa.
2. Gosa fi faayedaa teekinooloojii hanga ammaatti ittiin fayyadamaa jirru fi itti fayyadamuu dandeenyu maal akka ta'an tarreessaa.
3. Yeroo ammaan kanatti sirna teekinoolojitti fayyadamuudhaan hooggansa dhangala'a dhimmootaa galmaan gahuu keessatti rakkoowwan muudachaa jiran maal akka ta'an tarreessaa.
4. Sirna teekinooloojii kana hojiirra oolchuuf jecha wanti tokkoon tokkoon keenya irraa eegamu maal akka ta'e ibsaa.
5. Faayedaa daataa beezin milkaayina hooggansa dhangala'a dhimmootatiif qabu fi akkamitti itti fayyadamuu akka dandeenyu ibsaa.

KUTAA AFRAFFAA

Qaamota BU'AA-QABEESSUMMAA HOOGGANSA DHANGALA'A DHIMMOOTAA KEESSATTI QOODA FUDHATAN

Hooggansa dhangala'a dhimmootaa bu'a-qabeessa taasisuu keessatti qaamonni adda addaa gahee hojii fi itti gaafatamummaa mataa isaanii ni qabaatu. Akkuma beekamu sirna bulchiinsa yakkaatis ta'ee siivilii keessatti qaamonni hedddu ni hirmaatu. Falmiin tokko jalqabamee hanga dhumatuttti falmitootni garee bitaa fi mirgaa, shaayedootni, abukaattotni, dubbii fixootni, Abbootiin Alangaa, Poolisootni, Manni Sirreessaa, Manni Yaalaa, Mana Murtii keessayis Oofiserootni Seeraa, Abbootiin Seeraa, hojjettootni deeggarsaa Bulchiinsi Mana Murtichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiru,fi kkf. Qooda ni qabaatu; itti gaafatamummaa kaayyoo kana galmaan gahuutis ni qabaatu.[36]

Kaayyoon kutaa tanaatis, sirna hooggansa dhangala'a dhimmootaa kana guutumaan guututti haala bu'a-qabeessa ta'een hojiirra oolchuuf qaamonni hirmaatan gaheen tokkoon tokkoon isaanii maal akka ta'e hubachuudhaan qooda isaanii akka bahan gochuun gamatti itti gaafatamummaa isaan irraa eegamu gamanumaa akka hubatan fi hojiitti jijjiiran taasisuudha.

4.1. Abbaa Seeraa Dhaddacha Gaggeessu

Abbootiin Seeraa dhaddacha hoogganan akkuma armaan olitti ilaaluuf yaalletti, qophaa isaanitti fi kallattiidhaan adeemsa dhaddachaa too'achuu qabu; itti gaafatamamoodhas. Hooggansi dhaddachaa Abbaa Seeraa dhaddachicha hoogganu irraa fudhatamuu hin qabu; itti gaafatamummaanis qaama birootiif hiramuu hin qabu. Kanaafuu, Abbootiin Seeraa dhaddacha hoogganan adeemsa dhaddachaa guutumaan guututti too'achuu, naamusa fi kabaja dhaddachaa mirkaneessuu fi yeroo sirnaan itti fayyadamuu isaa mirkaneessutu irraa eegama. Bulchiinsi Mana Murtii fi hooggansi dhimmoota gara mana murtii dhufanii

uumama isaanitiin hojii mana murtichaati. Yeroo dhaddachi gaggeeffamutti, Abbootiin Seeraa qaama hooggansaa Mana Murtichaatiin too'atamuutu irra jiraata; bu'uura seeratiinis itti gaafatamummaa qabu. Haala kanaan, Abbootiin Seeraa dhaddacha hoogganan akkaataa armaan gadiitiin raawwachuutu irraa eegama:-[37]

a) Akkaataa seeran lafa kaayameen yeroo hojii kabajuu qabu,
b) Yeroo Mana Murtichaa ni too'atu, shoora qabaattotas badii isaan uumuu danda'aniif itti-gaafatamoo ni taasisu,
c) Dhimmi tokko sababa gahaa malee fi sababni kunis osoo hin galmaayin beellamni isaa jijjiiramuu dhiisuu isaa ni mirkaneessu,
d) Abbootii Alangaa fi Poolisoota gocha isaanii fi dhimmoonni akka lafarra harkifatan gochuu isaanitiif itti-gaafatamamoo ni taasisu; shoora taphattoota birootis akkasuma lafarra harkifannaa dhimmootaa akka uumamu gochuu isaanitiif akka itti-gaafatamaman ni taasisu,
e) ,Qooda-fudhattoota dhimmichi kallattiin ilaallatu faana marii barbaachisaa taasisuudhaan fi umama fi amala dhimmichaa tilmaama keessa galchuudhaan yeroo dhimmoonni itti beellamaman ni murteessu,
f) Dhimmoota guyyootaan osoo hin ta'in sa'aadhaan ni beellamu, bu'uuruma kanaanis, yeroo Mana Murtichaatti caalmaan itti fayyadamuu isaanii ni mirkaneessu,
g) Dhimmoota akkaataa amala isaanitiin adda baasuudhaan yeroo barbaachisaa ta'etti osoo hin daangeffamin jidduu lixuudhaan yerootti sirnaan ni fayyadamu,
h) Sadarkaa falmii kamittuu fooyya'insi (progress) dhimmichaa maal irra akka gahe ni hordofu,

4.2. Abbootii Alangaa

Hooggansa dhimmootaa bu'a-qabeessa gochuu keessatti shoorri Abbootiin Aalangaa taphatan daran ol'aana yommuu ta'u, haaluma kanaanis gaheen hojii fi itti-gaafatamummaan armaan gadii irraa eegama:-[38]

a) Himannaa dhiheessudhaaf sirnaan qophaayuu fi dhaddacha irratti bu'uura seerri gaafatuun dhiheessuu,
b) Poolisootaaf qajeelfama ifa fi guutuu ta'e dabarsuudhaan qorannoon galmeelee sirnaan akka gaggeeffamu taasisuu,
c) Galmeelee qorannoon isaanii dabalataan gaggeeffamuu qabu guyyaa muraasa keessatti qorataa poolisiitti deebisuu,
d) Galmeelee falmiif qophaayan sirnaan qabachuu,
e) Jechi amantaa fi waakkachaa duursee kennamuu isaa mirkaneessuu,
f) Yeroo Manni Murtii lafa kaaye kabajuu,
g) Ajandaa ofii qabachuudhaan bu'uura ajandaa dhimmichaatiin yeroodhaan argamuu,
h) Galmeelee hin himachiisne yeroodhaan cufuu,
i) Kabaja Mana Murtii eeguu fi naamusaan dhaddacha hordofuu,

Yeroo ammaan kanatti sirni bulchiinsa yakkaa keenya keessumattuu kallattii qorannoo yakkaatiin jijjiiramni hanga ta'een ni mullata. Kunis kan qubeewwan 'b' fi 'c' jalatti eeraman fooyya'anii jiru. Kana jechuunis, bu'uura qorannoo 'JBAH' Biiroon Haqaa Oromiyaa adeemsiseen Abbootiin Alangaa fi Qorataan Poolisii bakka tokkotti argamuudhaan dhimmicha waliin waan qorataniif galmeelee qorannoon irra deebi'amee adeemsifamuu qaba sababa jedhuun gara qorataa poolisiitti deebisuun hafatee jira. Kun ammo galmeeleen yakkaa sadarkaa qulqullinaa isaanii eegatanii akka qorataman ni taasisa.[39]

Kana Malees, kanaan dura akkaataa seera Adeemsa Falmii Yakkaatiin, Abbaan Alangaa galmeen tokko erga poolisiidhaan qoratamee itti dhihaateen booda yeroo guyyaa 15 keessatti himanni irratti qophaayuu qaba kan jedhu akkuma jirutti ta'ee yeroo ammaan kanatti bu'aa qorannoo 'JBAH' irratti

hundaayuudhaan yeroon kun guyyaa 6 tti akka gadi xiqqaatu gochuun danda'amuun isaa jijjiirama ol'aanaa ta'uu isaa kan namatti argisiisu ta'uu biraayyuu darbee dhimmoon yakkaa umuriin isaan gaafa qorannoon isaanii jalqabame irraa eegalee qaban akka gabaabbatu gochuudhaan [40] mirgi namootaa dhimmi isaanii si'oominaan dhagahamuufiif qaban akka kabajamu ni taasisa.

4.3. Abukaattota Duunfaa

Abukaattotni dhuunfaa fi dubbii fixootni akkasumas ogeessotni seeraa bilisaan tajaajila seeraa kennan dhimma bakka bu'ummaa isaanitiin hojjetan ilaalchisee hojilee armaan gadii raawwachuudhaan hooggansi dhaddachaa fi dhangala'a dhimmootaa akka milkaayu gochuu keessatti qooda isaanii bahuu qabu:-[41]

a) Yeroo Mana Murtii kabajuu,
b) Tajaajila seeraa bilisaan kennan buufata poolisii fi mana sirreessatti kanuma maxxansuudhaan beeksisuu,
c) Falmii dhagahuun dura qajeelfama ykn ajaja dhaddachaan kennamu kabajuu,
d) Kabaja Mana Murtichaa eeguu

4.4. Poolisii

Miseensotni poolisii dhimmoota yakkaa sirnaan qorachuudhaan fi galmee isaanii sirnaan qabuudhaan hooggansi dhangala'a falmiilee akka milkaayu gochuu keessatti eddoon isaan qaban murteessadha. Bu'uuruma kanaan, poolisoota irraa hojiin armaan gadii ni eegama:-[42]

a) Dhimmoota dhaddachatti dhihaachuu malan bu'uura gabatee yeroo mana murtichaatiin dhiheessuu,
b) Qajeelfama Abbootii Alangaa irraa kennamuuf kabajuu
c) Galmeelee sirnaan haala qulqullina isaa eeggateen qorachuu,

d) Gabaasawwan isaan irraa eegamu kan akka ashaaraa, foorensikii fi kkf. Si'oominaan dhiheessuu,
e) Yeroo dhaddachi gaafatetti ergamuudhaan raga bahuu,
f) Shakkamtoota too'annoo jala jiran fi dhagaha falmii eegachuu irratti argaman yeroon dhaddachatti dhiheessuu,
g) Namoota too'annoo jala jiran tajaajilli serraa bilisaan haala seerri gaafatuun jiraachuu isaa beeksisuu,

4.5. Dhaddacha Kabachiistota

Dhaddacha kabachiistotni yeroo dhaddachi gaggeeffamutti naamuti akka eegamu fi hidhamtootnis sirnaan too'annoo jala jiraachuu isaanii mirkaneessudhaan hooggansi dhangala'a dhimmootaa akka milkanaayan kan taasisan yommuu ta'u hojileen armann gadii irraa eegama:-[43]

a) Yommuu dhaddachi gaggeeffamutti dhaddacha irratti argamuudhaan eegumsa barbaachisaa taasisuu,
b) Dhaddachi osoo hin eegalamin dura naamusti dhaddachaa akka mirkanaayu ni taasisu,
c) Ajaja Abbaa Seeraa irraa kennamuuf kabajuu,
d) Nageenya fi tasgabbii dhaddachaa, Mana Murtichaa fi hawaasa Mana Murtichaa akkasumas hawaasa tajaajila barbaada gara Mana Murtichaa dhufanii mirkaneessuu,
e) Jeequmsi tokkollee dhaddacha irratti akka hin uumamne fi naamusti akka jiraatu too'annoo naannoo sana jiru cimsuu,
f) Namoota dhaddacha irratti dhihaachuu malan waamuu, sanadoota adda addaa Abbaa Seeraa irraa fuudhuudhaan namoota dhimmichi ilaallatu harkaan gahuu, fi kanneen biro shakkamtoota harkaa fuudhuudhaan Abbbaa Seeraa harkaan gahuu,

4.6. Oofiseroota Seeraa

Oofiserootni Seeraa yeroo hedduuf dhimmoota faana walitti dhufiinsa waan qabaniif galmeelee Mana Murtiis kan bulchan waan ta'eef, galmeelee kana ilaallatees odeeffannoowwan adda addaa waan qindeessaniif shoorri isaan hooggansa dhangala'a dhimmootaa milkaayessuu keessatti qaban daran murteessaa ta'uun isaa wanta jala muramuu qabuudha. Kaayyoo hooggansa dhangala'a dhimmootaa kanas fiixaan baasuu keessatti hirmaannan isaanii haala armaan gadiitiin ibsamuu ni danda'a.[44]

a) Galmee sirnaan haala qulqullina isaa eegateen ni saaqu; odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an hunda daataa beezii keessa ni galchu; ajajoota adda addaas yeroon barreessanii baasii gochuudhaan qaama dhimmichi ilaallatu akka dhaqqaban ni taasisu,
b) Guyyaa guyyaatti fooyya'iinsa dhimmootaan walqabatanii jiran sirna teekinoolojitiin fayyadamuudhaan hordoffii barbaachisaa ni tassisu; galmeelees guyyaa beellamaatti baasudhaan yerodhaan dhaddacha akka dhaqqabu ni taasisu; odeeffannoo dhimmootaan walqabatan hanga hayyamamaa ta'eetti qaamota dhimmicha irratti dhimma qabaataniif akka dhaqaban ni taasisu,
c) Galmeeleen fi dhimmootni galmeeleen walqabatan sirnaan kunuunfamuu fi qabamuu isaanii ni mirkaneessu; kaassettootni jechi shaayedootaa ittiin fuudhames akka sirnaan qabamuu isaanii, kaassettiin sagaleen itti waraabame yeroon gara barreeffamatti jijjiiramuu isaa mirkaneessuu fi yeroon Abbootii Seeraaf dhiheessuu,
d) Ajajawwan Abbootiin Seeraa laataniif yeroon fiixan baasuu fi qulqullina hojii isaanii mirkaneessuu,

Asirratti wanti osoo hin eerin bira darbuu hin feene qaamni kamiyyuu ajaja dhaddachaa kabajuudhaan dhimmoonni yeroo murtaaye keessatti akka xumura

argatan gochuun barbaachisaadha. Kanumaan walqabatee, Manni Serreessaa bu'uura ajaja Mana Murtiitiin wantoota raawwatamuu qaban raawwachuutu irraa eegama. Manni yaalatis akkasuma namoonni yakkaan walqabatee sababa adda addaatiif gara mana yaalaa yommuu ergaman bu'uura ajaja mana murtichaatiin yeroo gaafataman keessatti raga barbaachisaa dhiheessudhaan milkaayina hooggansa dhangala'a dhimmootaatiif gumaachutu irra jiraata.

Bifuma walfakkaatuun hooggansi mana murtii tokkoon tokkoo sadarkaa sadarkaadhaan jiran akkasumas hojjettootni deeggarsaa meeshalee fi loojistiksii adda addaa guutudhaan hooggansi dhangala'a dhimmootaa qixa barbaadameen of fuul duratti akka tarkaaffatu gochuun irraa eegama. Kun kan nutti argisiisu, hooggansi dhangala'a dhimmootaa milkaayuu kan danda'u hirmaannaa qaamota adcdaa tiin malee tattaaffii Abbootii Seeraa ykn bulchiinsa Mana Murtichaan qofa akka hin taane dha.

Qabxiilee Marii

1. Hooggansa dhangala'a dhimmootaa akka milkaayu gochuu keessatti yeroo ammaan kana Abbootiin Seeraa dhaddacha hoogganan itti gaafatamummaa isaanii sirnaan bahaa jiruu? Maal gochuu qaban?
2. Haalli walitti dhufiinsa Abbootii Seeraa fi ogeessota qaamota haqaa biro jedduu jiru maal akka fakkaatu ibsaa.
3. Qaamotni hooggansa dhangala'a dhimmootaa keessatti qooda fudhatan laafinni isaanii maal akka ta'e fi bifa kamiin akka sirrachuu qabu ibsaa.

KUTAA SHANAFFAA

MADAALLII RAAWWANNAA HOJII MANNEEN MURTII

Madaallin raawwannaa hojii Manneen Murtii bakka hin jirretti bu'a-qabeessummaan hooggansa dhimmootaa shakkii keessa galuun isaa wanta hafu miti. Akkuma waliigalaatti, sirni madaallii raawwannaa hojii Manneen Murtii jiraachuun isaa sagantaa fooyya'iinsaa fi hooggansa dhangala'a falmiilee bu'a-qabeessa ta'e diriirsuu fi hojiirra oolchuuf nama gargaaru. Waan ta'eefis tooftawwan raawwannaan hojii ittiin madaalaman guguddoo ilaaluuf ni yaalla.

Kaayyoon kutaa kanaatiis haala raawwannaa hojii manneen murtii itti madaaluu dandeenyu irratti leenjitootni hubannoo akka horatan fi hojiin Abbaa seerummaa madaalamuu akka danda'u fi bifa kamiin akka madaalamu akka hubatan fi bu'uuruma kanaanis hojii isaanii keessatti akka itti fayyadaman dandeessisuudha.

Armaan gaditti kan ilaallu istaatistiksii manneen murtii si'oomina hojii isaanii ittiin madaaluuf gargaaraman yommuu ta'u kallattiin qabxii kanatti galuun dura, garaagarummaan si'oominaa fi haqummaa hojii Abbaa Seerummaa jidduu jiraachuu isaa qalbeeffachuun barbaachisaadha.

Si'oomina hojii lakkoofsan safaruun kan danda'amu yommuu ta'u, haqummaan murtiilee manneen murtii keenyaan kennamanii garuu qulqullinaan kan walqabate waan ta'eef safaruuf nama rakkisuu danda'a.[45] Kana irraa kan ka'e armaan gaditti ilaaluuf kan ilaallu, haala salphaatti safaramuu kan danda'u si'oomina hojii yommuu ta'u kana jechuun keenya garuu haqummaan hojii manneen murtii gonkumaa hin madaalamu jechuu keenya akka hin taane dagachuun nurra hin jiraatu. Qulqullina hojii itti-quufinsa tajaajilamtootni hojii mana murtiitti qaban safaruudhaan hojimaatni itti madaaluu dandeenyu jiraachuu isaa hubachuu qabna. Manneen Murtii biyya Ameerikaatiin itti

hojjetamaa kan jiru sirni madaallii raawwannaa hojii manneen murtii /Trial Court Performance Standard/ kallattii kanaan eerun ni danda'ama. Sirni akkanaa kunis hojii manneen murtii qixa hedduun kan madaalu yoo ta'u, sirna kanaanis dandeettii seera hiikuu manneen murtii, qulqullina murtii, qulqullina keessummeessa abbootii dhimmaa, iftooma fi salphina adeemsa hojii dhaddachaa fi kan kana fakkaatuun madaalamuu ni danda'a.[46]
Naannoo keenya keessattis Raawwannaan hojii qaama abbaa seerummaa akkuma hojii kamiiyyuu madaalamuu kan danda'uu fi madaalamuu kan qabu ta'uu amanuudhaan, raawwannaan hojii abbaa seerummaa madaalamu malee ciminaa fi laafina jiru adda baasuun akkasumas hojii qulqullina fi gahumsa ol'aanaa qabu hojjachuun rakkisaa ta'uu isaa hubachuudhaan, bara 1998 sirni madaalliin raawwannaa hojii Abbaa Seerummaa Manneen Murtii naannichaa keessatti ittiin gaggeeffamu akka diriiru taasifamee jira.[47]

Sirni madaallii kunis kan irratti xiyyeeffate dhaqqabamummaa, alloogummaa, walqixummaa fi fayyaalummaa, bilisummaa fi itti-gaafatamummaa akkasumas amantaa uummataa horachuu irratti yommuu ta'u sirni kunis koompiyuuteraan qindaayee kan hojjetame ta'us sababa adda addaatiin hanga ammaatti hojiirra osoo hin oolin hafee jira. Yeroo ammaan kana garuu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa sirnicha sadarkaa yaalii duraatiin hojiirra oolchuu fi bu'a-qabeessummaa isaa irratti hundaayuudhaan guutumaan guututti akka hojiitti galamu gochuu irratti argama.[48]

Kallattii kanaan qajeelfamni sirni kun hojiirra ittiin ooluu danda'ullee akka wiixineeffamu taasifamuudhaan Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannootiin akka mirkanaayu yaadamee haaldureewwan tokko tokko hojjetamee jira.[49]

Si'oominni fi baayyinni hojii manneen murtii, guutumaan guututtis ta'uu dhabu, tooftalee armaan gadii tiin safaramuu ni danda'u. Baay'ina galmeelee waggaatti

banamanii, baay'ina galmeelee waggaatti murtaayanii fi cufamanii, baayina galmeelee dhuma waggaatti sochii irratti argamanii, dandeettii qulqulleessuu/clearance rate/, haala baayyina hojii/Congestion/, kuufama/backlog/ yeroo geddu-galeessan dhimmoonni mana murtii keessatti lakkoofsisan, baayyinni Abbootii Seeraa baayyina uummataatiin wal bira qabamee yommuu ilaalamu, baayyinna galmeelee baayyina Abbootii Seeraatiin walbira qabamee yommuu ilaalamu, galmeeleen murtii argatan baayyina Abbootii Seeratiin walbira qabamanii yommuu ilaalaman, baasii geddu-galeessan dhimma tokko irratti bahu, baayyina beellamaa fi kkf hanga ta'een si'oomina manneen murtii madaaluun ni danda'ama.[50]

Baayyinni galmeelee waggaa tokko keessatti saaqamanii hanga fedhiin tajaajilaa mana murtichaa gahu kan argisiisu yommuu ta'u fedhiin kunis mana murtichaan guutamuu isaa ilaalchisee baayyina galmeelee dhuma waggichaatti sochii irratti argaman irraa hubachuun ni danda'ama. Tooftawwan si'oomina hojii mannen murtii safaruuf gargaaran keessaa muraasa isaanii fakkeenyaan deeggaruudhaan haala asiin gadiitiin ilaaluuf ni yaalla.

5.1 Dandeettii Qulqulleessuu/Clearance Rate/

Dandeettiin qulqulleessuu tooftaa baayyina murtii manneen murtii yeroo murtaayee keessatti murteessan baayyina galmeelee yeroo kana keessatti dhihaataniin walbira qabuudhaan madaaluuf nu gargaarudha. Sadarkaa yaadatti, yeroon murtaaye kun guyyaa tokko irraa kaasee hanga waggoottaniitti deemuu ni danda'a. Haata'u malee, yeroon baratamee ittiin hojjetamu waggaa tokko dha. Tooftaan madaallii kun geddu-galeessan si'oomina manneen murtii kan argisiisudha.

Unkaan barreeffama kanaan walqabate akka nutti argisiisutti, bara 1999 baayyinni galmeelee haaraya Manneen Murtii Oromiyaa hundatti dhihaatanii 310,238 yommuu ta'u baayyinni galmeelee murtii argatanii ammo 315,156 ta'uu isaati. Dandeettiin qulqulleessuu galmeelee yeroo murtaaye tokko keessatti murtii argatan galmeelee haaraya yeroo murtaaye kana keessatti dhihaatan faana madaaluu waan ta'eef, bu'uura fakkeenya keenyatiin galmee 315,156 fi 310,238 waliin madaaluu jechuudha. Kana irraa ammo hubachuun kan danda'amu, galmeen lakkoofsan 4,918 ta'u kan murtaa'e batra 1998 irraa kan cehan keessaa ta'uu isaati. Raawwin sadarkaa qulqulleessuu mana murtichaa yommuu shallagamus 101.6% ta'ee arganna. Kana irraa ammo wanti hubatamuu danda'u raawwannaan mana murtichaa quubsaa ta'uu isaati.

Dandeettiin qulqulleessuu mana murtii tokkoo dhebbeentaa dhibba yoo ta'e, manni murtichaa dhimmoota haaraya dhihaataniif hunda irratti murtee dabarsuu isaat nutti argisiisa. As irratti wanti hubachuu qabnu yoo jiraate, dandeettiin qulqulleessuu akka waliigalaatti Manneen Murtii Oromiyaa keessatti hojii raawwatame argisiisuu akka danda'u Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dandeettii qulqulleessuu mataa isaa akka qabaachuu danda'u fi manneen murtii ol'aanaa fi aanalee hundis dandeettii qulqulleessuu isaanii qabaachuu akka danda'aniidha. Kana malees, dhaddachootni tokkoon tokkoon isaaniif dandeettii qulqulleessuu baasun akka danda'amu hubachuutu nurra jiraata. Dandeettii qulqulleessuu sadarkaa manneen murtii naannoo keenyatti kan hojjennu yoo ta'e manneen murtii fi dhaddachoota akkaataa raawwannaa isaanitiin adda baasuun kan nama rakkisu ta'uu isaayyuu bara darbee yaada dogoggore irras akka geenyu waan nu taasisuuf of eeggannoo barbaachisaa gochuun dansaadha amantaa jedhu qabna. Unkaan itti aanu kun dandeettii qulqulleessuu /clearance rate/, baayyina dhimmootaa/Congestion/ fi kuufama/backlog/ dhimmootaa Manneen Murtii naannoo keenyaa akka waliigalaatti jiru kan woggoottan kudhan walitti aananii jiranii ni argisiisa.[51]

Unkaa Lakk. 3:- Unkaa Dandeettii Qulqulleessuu, Konjeshinii, fi Kuufama Dimmootaa kan Woggoottan 10 Manneen Murtii Oromiyaa akka waliigalaatti argisiisu

Bara	1991	1992	1993	1994	1995	1996	1997	1998	1999	2000
Dandeettii Qulqulleessuu	97.5	90.9	95.1	96.5	96.2	106	100.4	97.1	101.6	94.2
Konjeshinii	1.413	1.472	1.428	1.476	1.453	1.226	1.204	1.276	1.263	1.3529
Baakloogii	0.413	0.472	0.428	0.458	0.453	0.226	0.204	0.276	0.263	0.353

Manneen Murtii galmeelee haaraya dhihaatan irratti gutumaan guututti murtii dabarsuu danda'an jechuun dandeettiin qulqulleessuu dhebbeentaa dhibba ta'eera jechuu keenya. Unkaa armaan olii keessatti ilaaluun akka danda'amutti, bara hojii 1996, 1997, fi 1999 dandeettiin qulqulleessuu kanuma argisiisa. Haata'u malee, galmeeleen waggaa tokko irraa gara waggaa birootti cehuun isaa waan hin oollef, dandeettiin qulqulleessuu sadarkaa addunyaatti fudhatama qabu dhibbeentaa saddeettamii sagal/89%/ yommuu ta'u, sadarkaa kanaan gaditti garmalee gadi bu'anii hojjechuun raawwin mana murtichaa kan gadi bu'e ta'uu isaat nutti argisiisa. Akka waliigalaatti dandeettin qulqulleessuu manneen murtii naannoo keenyaa haaluma unkaa armaan olitti taa'e keessaa hubachuun danda'amutti woggoottan kurnan darban keessatti haala gaarii irrasatti kan argaman ta'uu isaa nutti argisiisa. Kana yommuu jennu, bara hundattuu 89% gadi ta'ee kan mul'tu waan hin taanef haala gaarii irratti argamuu isaa hubachuun ni danda'ama.

Yeroo tokko tokko, dandeettiin qulqulleessuu mana murtii tokkoo dhibbeentaa dhibbaa ol ta'uu ni danda'a. Fakkeenyaaf dandeettii qulqulleessuu bara hojii 1996, 1997 fi 1999 unkaa armaan olii keessatti ilaaluun ni danda'ama. Kun ammo

raawwannaan mana murtichaa gama tokkoon haala gaarirra kan jiru ta'uu isaa gama birootiin ammo rakkoo keessa jiraachuu isaat nutti mullisa. Kana jechuunis, manni murtichaa kuufama galmeelee qulqulleessuuf carraaqqii ol'aanaa gochaa jiraachuu isaa fi kallattii birootiin ammo mana murtichaa keessa galmeen kuufamee kan jiraatu ta'uu isaat argisiisa.

Gama birootiin, sababa rakkoo kuufama galmeelee mana murtii tokoo baruun kan danda'amu, dandeettii qulqulleessuu mana murtichaa waggoottan darbanii walitti aansudhaan ilaaludhaan akka ta'e qalbeeffachuutu nurra jira. Kana ta'uu isaatiin ammo galmeelee kuufaman duulan murteessuuf sagantaa baafannuun walqabatee sirni madaallii kun shoora ol'aanaa ni qabaata.

5.2 Heddummina galmeelee/Congestion/

Sirni madaallii kun dhimmoota yeroo murtaaye keessatti mana murtii tokko keessatti sochii irratti argaman akka waliigalaatti baayyina galmeelee murtii argataniin walmaddii qabnee akka madaallu kan nu dandeessisuudha. Tooftaan madaallii kun dhimmoonni mana murtii keessa geddu-galeessan yeroo hagamiitiif akka turan fi yeroo hagam akka itti fudhate nutti argisiisa. Waan ta'eefis geddu-galeessan umuriin dhimmootaa hagam akka ta'e baruun ni dandaama jechuudha.[52]

Haala konjeshinii mana murtii tokkoo baruuf duraan duursinee dhimmoota bu'uuraa sadi beekuun murteessa yommuu ta'u, isaanis baayyina galmeelee bara darbe irraa as cehan, baayyina galmeelee haaraya banamanii fi baayyina galmeelee murtii argataniidha.

Herreega konjeshinii hojjechuudhafis galmeelee sochii irra turan galmeelee murtii argataniin waliin madaaluu yommuu ta'u galmeeleen bara 1992 akka

waliigalaatti sadarkaa Manneen murtii Ol'aanatti sochii irra turan baayyina galmeelee murtii argataniif kan hiraman ta'a. Kana jechuunis, kan sochii irra turan 47,167 kan murtaayan 16,177 tiif hiruu jechuudha. Herreegni argannus koonjeshiniin 2.9157 akka ta'e ibsa. Bu'aa isaa kanas hiikuuf yaadotni ka'umsaa bu'uura ta'n nu barbaachisu.

Inni tokkoffaan, dhimmootni bara sanatti sochiirra turan dhimmoota murtii argataniin ol ta'anii yommuu argaman, Manneen murtichaa dhuma bara hojii sanatti galmee hunda irratti murtii kennuu hin dandeenye; kanaafuu galmeeleen bara hojii itti aanutti cehan jiru jechuudha. Yeroo akkanaa, galmeeleen sochii irra turan hundi murtii waan hin argatiniif konjeshiniin 1 ol ta'a.

Haalli konjeshinii akkuma dandeettii qulqulleessuu waggaa tokkoo kaasee woggoottan hedduuf herreegamuu kan danda'u ta'us, kan ittiin hojjetamaa jiru fi irratti waliigalame garuu yeroo waggaa tokkootiin hojjechuudha. Fakkeenya armaan olitti dhiheessuuf yaalle keessatti, bu'aan arganne 2.9157 yommuu ta'u, kun ammoo yommuu hiikamu dhimmi tokko mana murtichaatti xumura argachuuf geddu-galeessan waggaa 3 kan itti fudhatu ta'uu isaa nuuf ibsa.

5.3 Kuufama/Backlog/:-

Sirni kunis akkuma tooftalee lamaan armaan olitti caqafamanii galmeeleen mana murtii tokko keessatti kuufamaan jiraachuu fi kaan isaanii nutti argisiisa. Haaluma kanaanis Si'oominni mana murtichaa keessa jiraachuu fi kaan isaa beekuuf nu gargaara. Kuufamni galmeelee bifuma walfakkaatuun guyyaa tokko irraa kaasee hanga woggoottaniitti shallagamuu ni danda'a. Yeroon baratamee fi ittiin hojjetamaa jiru garuu waggaa tokkodha.

Kuufamni mana murtii tokkoo kan jiraatu manni murtichaa galmeelee sochii irra jiran bara bajataa itti aanutti kan dabarse yoo ta'eedha. Galmeelee sochii irratti argaman hunda murteessinaan garuu kuufamni duwwaa akka ta'u gochuun ni danda'ama. Armaan olitti ilaaluuf akka yaalletti bara baraan galmeeleen mana murtii keessa gangalachuudhaan kuufamni akka jiraatan taasisaa jiru. Kuufama jechuun baayyina galmeelee manni murtichaa humna isaatiin fayyadamuudhaan murteessuu danda'uun olitti kan jiru jechuudha.

Kuufamni koonjeshinii faana illee walmaddii qabamee ilaalamuu ni danda'a. Koonjeshiniin 1 ol yoo ta'e konjeshinii -1 = Kuufama ta'a jechuudha. Unkaa armaan ol jirus yommuu ilaalle, konjeshinii irraa tokko yoo hir'isne kuufama kan argannu ta'uu isaati. Kun ammo galmeelee kuufamaan jiran qofa irratti murtii dabarsuudhaan xumura akka argatan gochuudhaaf waggaa nutti fudhatu nutti argisiisa. Abbootiin Seeraa qabnu hundi galmeelee haaraya banaman dhiisanii kan kuufaman qofa irratti murtii kan dabarsan yoo ta'e waggaa meeqa keessatti kuufama galmeelee kana maqsuu akka danda'an nutti argisiisa.

Fakkeenyumaaf bara 1992, sadarkaa mana murtii Waliigalaatti galmeelen sochii irra turan 10,019 yommuu ta'an kana keessaa kan murtii argatan ammo 1,529 dha. Koonjeshinii isaa yommuu shallagnu, 6.55 ta'a. Kuufamni isaas 6.55 - 1 waan ta'eef 5.55 ta'a jechuudha. Kun ammo galmeelee kuufaman qofa hojjechuudhaaf dimshaashumatti waggaa shaniin ol kan nutti fudhatu ta'uu isaat nutti mullisa.

Dandeettin qulqulleessuu haalla konjeshinii fi kuufamaa faana ta'uudhaan raawwannaan mana murtii tokkoo si'aawaa ta'uu fi dhiisuu isaa nutti argisiisa. Manni murtii raawwannaan isaa si'oomina qaba jennu tokko sadarkaan qulqulleessuu isaa dhibbeentaa dhibbatti yoo dhihaate, haalli konjeshinii isaa tokkotti, kuufamni isaa ammo duwwaatti yoo dhihaatedha.

Unkaa barreeffama kanaan walqabate keessaa haala salphaa ta'een hubachuu kan dandeenyu, Manneen Murtii naannoo keenyaa akka waliigalaatti dandeettiin qulqulleessuu isaanii haala gaarii irratti argama. (Raawwannaa manneen murtii sadarkaa sadarkaadhaan jiran ilaalun garaagarummaa raawwii irratti qixa dandeettii qulqulleessutiin jiru hubachuun dagatamuu hin qabu.) Heddumminni fi kuufamni garuu sadarkaan inni irra jiru ammas taanan wanta falli itti laatamuu qabuudha.

Qabxiilee Marii

1. Madaallin raawwannaa hojii Abbaa Seerummaa barbaachisaadha moo miti? Kan Abbaa Alangaayoo? Barbaachissaadha kan jettan yoo ta'e, haqummaa isaa moo si'oomina isaatu madaallamuu qaba? Akkamitti?
2. Dandeettin qulqulleessuu yeroo hunda dhibbeentaa dhibba yoo ta'e, baayyinni /congestion/ maaliif 1 ol ta'a?
3. Kuufama dhimmootaa ammaan kana jiru kana dhabamsiisuuf tooftaan manni murtii itti fayyadamuu qabu maal akka ta'e ibsaa.
4. Dhimmootni yeroo qabameef keessatti akka hin xumuramne sababoota taasisan keessaa adda durummaatiin kan eeramuu qaban maal akka ta'an ibsaa.
5. Hooggansa dhangala'a dhimmootaa hojiirra oolchuuf tarsiimoon hordofamuu fi hojiirra ooluu qabu maal akka ta'uu malu irratti mari'adha.

Xumura

Manneen Murtii dhimmoota heddumminaan fala barbaacha gara mana murtii dhufaniif fala haqa qabeessa ta'e yeroo gabaabaa keessatti laatuudhaan abbootiin dhimmaa hanga dnadaa'ameen baasii xiqqaadhaan haala tajaajila argatan gochuudhaan dirqama heera fi seeran irratti gatame bahuuf tooftaa isaan dandeessisanitti fayyadamuun dirqama. Baay'ina dhimmootaa faana lakkoofsa abbootii seeraa dabaluun yeroo hunda fala ta'ee hin mul'aatu.

Sirna hooggansa dhangala'a dhimmootaa diriirsuudhaan gara hojiitti jijjiirun wanta feenu qofa osoo hin ta'een tajaajilli nuti kenninu qulqulluu fi dhaqqabamoo akkasumas si'aawaa akka ta'u yoo barbaadame, barbaachisummaan isaa daran ol ka'ee mullata. Dhimmootni yeroo gara mana murtii dhufan sadarkaa qulqullina isaanii eeggatanii ni dhufu. Erga mana murtii keessa galaniin boodas bu'uura amala uumamaa isanitiin adda ni baafamu. Kan tooftaa birootiin mana murtiitiin ala xumura argachuu malan yoo ta'an battalumatti akka fala argatan ni taasia. Abbootiin dhimmaas baasii qixa hundaan jiru irraa bilisa ni bahu. Manni Murtiis yeroo isaatti fayyadamuudhaan hojilee biro ni hojjeta.

Hooggansa dhangala'a dhimmootaa bu'uura yaadrimeewwan isaatiin hojiirra akka oolu yoo barbaadame walitti dhufiinsi Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa akkaataa amala hojiitiin fi tajaajilli uummataa batrbaaduun ta'uutu irra jiraata. Abbootiin Seeraa qaamota hoogggansa dhangala'a dhimmootaa bu'a-qabeessa taasisuu keessatti hirmaatan caalaa itti gaafatamummaa sirnicha hojiirra oolchuu ni qabaata Kana waan ta'eef, itti gaafatamummaan adda durummaatiin dhimmootas ta'ee mana murtichaa hoogganuu kan isaanii ta'uu isaa hubachuudhaan milkaayina sirna kanaatiif shoora ol'aanaa taphachuutu irraa eegama.

Abbootiin Alangaa fi qaamoleen biro sirna kana keessatti hirmaatanis akkuma gaheen isaanii gaafatuun dirqama isaan irraa eegamu bahuutu irraa eegama. Keessumattuu Abbootiin Alangaa dhimmoota himachiisuu danda'an qofa sirnaan qorachuudhaan himannaa dhiheessutu irra jiraata. Dhimmootni himachiisan qofti kan dhihaatan yoo ta'e gama tokkoon yeroon Mana Murtii fi Abbaa Alangaa dhimma kana irratti baduun isaa hafee dhimmi biro akka ittiin keessummeeffamu taasisa. Gama birootiin ammo himatamtootnis mirgi isaanii sirnaan ala hin miidhamu waan ta'eef sirna haqaa keenya irratti hawaasni amantaa akka horatan ni taasisa.

Hooggansa dhangala'a dhimmootaa keessatti eddoon sirni teekinooloojii hammayyaa qabu daran ol'aanaa waan ta'eef sirna kana diriirsuun, ogummaa isatti fayyadamuu horachuun sirnichas sirnaan kunuusuu fi guyyaa guyyaatti sadarkaa itti fayyadama keenyaa guddisuu fi cimsuudhaan bu'aa gaarii galmeessisuun murteessaa ta.

Waan ta'eefis, sirna hooggansa dhangala'a dhimmootaa kana hundeedhaan lafa qabachiisuudhaaf sirna kana irratti qajeelfamni hojii bahuun barbaachisaa akka ta'e, fi sirni kun ammo galma barbaadame irra gahuu kan danda'u gumaacha qooda fudhattoota hundaatiin ta'uun isaa hubatamee caaraa argametti fayyadamuudhaan tattaaffii olaanaa gochuudhaan yeroo yerootti haala qabatamaa manneen hojii keenyaa faana haala tilmaama keessa galcheen jijiirama hiikka qabeessa ta'e fiduuf hundi keenya itti gaafatamummaa nurraa eegamu bahuu qabna.

YAADANNOO DHUMAA/END NOTES/

1. Natacha Vsindilok, A comparison of the Case Flow Management and Case Tracking Systems of the Central Administrative Court of Tieland with those of the Federal Court of Australia with Reference to Practice in USA, A Thesis Submitted in Fulfilment of the Requirement for the Award of the Degree of Masters of Court Management, Faculty of Law, University of Wollongong, 2004, P. 20.

2. Kanuma Armaan Olii

3. Case Management under Reform in the Administration of Justice in Latin America http://www.aidb.org/sds/doc/sgc.Doc13.E.pdf, Guyyaan itti fayyadamne, Onkololeessa, 05/2001

4. Armaan ol Lakk. 1, Fuula 23

5. National Prosecuting Authority Court and Case Flow Management http://www.npa.gov.za/UploadedFiles/CFM%20ReportFinal%20(1).pdf, Guyyaan itti fayyadamne, Onkololeessa 05/2001

6. Case and Case Flow Management Subordinate Courts of Singapore http://app.subcourts.gov.sg/Data/Files/File/eJustice/Archives/CaseCaseFlowMgt.pdf. Guyyaan itti fayyadamne, Onkololeessa, 05/2001

7. Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa, Kew. 29 fi 30 ilaaluun ni danda'ama.

8. Armaan ol Lakk. 1, Fuula 1.

9. Guiding Principles for Effective Case Management http://www.dojca/eng/esc.cde/eff.pdf, Guyyaan itti Fayyadamne, Onkololeessa, 05/2001

10. Armaan ol Lakk. 1Fuula 35-36

11. BJA (Bureau of Justice Assistance Fact Sheet http://www.ncjrs.org/pdffiles1/bja/75000270.pdf, Guyyaan itti fayyadamne, Fulbaana 29/2001

12. For South African Lawyer Court; Practical Guide, Court and Case Flow Management (practical, Guide for Court and Case Flow Management for South African Lawyer Courts) http://www.joasa.org.za/aricles/ccFM%20Guide.pdf, Guyyaan itti Fayyadamne, Fulbaana 29/2001
13. Armaan Gadi Lakk. 15.
14. Armaan ol Lakk. 1. Fuula 1.
15. From Filing to Finalization Case Flow Management http://www.pdi.org/PJDP/resources/case_Management/principles_ofofcaseflow.management.pdf, Guyyaan itti fayyadamne, Fulbaana 29/2001
16. Kanuma Armaan Olii
17. Kanuma Armaan Olii
18. Armaan Ol Lakk. 1, Fuula 24-26
19. Armaan ol Lakk. 9
20, Armaan ol Lakk. 5
21. Armaan ol Lakk. 9
22. Armaan ol Lakk. 11
23. Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure, 1968, Page 4
24. Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa keenya Keew. 213
25. Armaan ol Lakk. 23, Fuula 172
26. Armaan Ol Lakk. 9
27. Armaan ol Lakk. 1, Fuula 26-35
28. Seera Deemsa Falmii Yakkaa keenya Keew. 94 fi Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa keenya Keew. 192-199 ilaaluun ni danda'ama.
29. Abbootiin Seeraa yeroo dhimmoonni garmalee itti baayyatan gargaartota Abbootii Seeratti fayyadamuun akka fala tokkootti ilaalamuu ni danda'a. Manneen Murtii keenya keessattis gargaartotni kun dhimmoota heddu ilaaluudhaan gargaarsa ol'aanaa kennaa waan jiraniif baay'ina hojii salphisuu irratti shoora ol'aanaa taphachaa jiru.

30. Armaan ol Lakk. 5

31. National Association for Court Management 'Introduction: What is this Core Compitence and Why it is Important' in Core Compitency Curriculum Guidelines: Case Flow Management (2003)

http://www.Nacment.Org/CCCG/Word/3CFM.doc. Guyyaan itti fayyadamaa, Fulbaana 30/2001

32. Armaan ol Lakk. 1, Fuula 36

33. Armaan ol Lakk. 1, Fuula 38

34. Kanuma Armaan Olii

35. Sirni daataa beezii ykn sagantaan 'CCMS' jedhamu bara sagaltamii shan irraa eegalee sadarkaa Manneen Murtii Ol'aanaa fi Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti akka fe'amu gochuudhaan tajaajila akka laatu gochuun danda'amee jira. Manneen Murtii Ol'aanaa haaraya godinaalee saditti hundeeffamaniifis sagantaan kun akka fe'amuuf gochuudhaan ittiin hojjechaa jiru. Manneen Murtii Aanalee tokko tokkos jechuunis, Mana Murtii Aanaa Adaamaa fi Aanaa Shaashamannee akkasumas Akaakiin sagantaa kana itti fayyadamaa jiru. Hanqinaaleen gama sirna kanatti fayyadamuutiin muudachaa jiru sababa humna namaa barate dhabuu fi hordoffiin cimaan gochamuu dhabuu irraa kan madde yommuu ta'u bu'aa isaa guutumaan guututti fayyadamaa hin jirru.

36. Armaan Ol Lakk. 12

37. Armaan Ol, Lakk. 5,

38. Armaan Ol, Lakk. **12**

39. Gabaasa Haala Raawwannaa ***JBAH*** Biiroo Haqaa Oromiyaa**,** Kan Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Finfinnee, 2001

40. Kanuma Armaan Olii

41. Armaan Ol, Lakk. 12

42. Kanuma Armaan Olii

43. Kanuma Armaan Olii

44. Ofiserootni Seeraa hojilee rejistiraarotaan hojjetaman hunda kan hojjetan fi bu'uura sirnoota sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaatiin hojimaata diriirfaman hojjechuudhaan akkasumas,qorannoo 'JBAH' adeemsifameen itti-gaafatamummaa fi gahee hojii heddu akka qabaataan tasifameera.

45. Memberetsehay Taddese, 'Be'etiyoopiyaa yefitihaabiheer sine sir'aat tikuret yemishu andand nexboch'

46. Kanuma Armaan Olii

47. Wixinee Madaallii Raawwannaa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa, Lakk.----/1998

48. Karoora Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Kan Bara 2001

49. Armaan Ol Lakk. 47

50. Habas Mohamed, 'yegudaayoch Akaahed Ammaraar, Yesilxanaa Maanuwaal,Le'Amaaraa Killil Daanyoch innaa Aqaabeyaan Hig Silxanaa Yetazagaajjee', Finfinnee, 1998, Fuula 16.

51. Istaatistiksii Mana Murtii Waliigalaa kan Woggaa kudhanii barreeffama kanaan walqabatee jiru irraa hubachuun ni danda'ama.

52. Armaan Ol Lakk. 45

MADDA ODEEFFANNOO /BIBLIOGRAPHY/

1) BJA (Bureau of Justice Assistance Fact Sheet
http://www.ncjrs.org/pdffiles1/bja/75000270.pdf

2) Case and Case Flow Management Subordinate Courts of Singapore
http://app.subcourts.gov.sg/Data/Files/File/eJustice/Archives/CaseCaseFlowMgt.pdf.

3) Case Management under Reform in the Administration of Justice in Latin America
http://www.aidb.org/sds/doc/sgc.Doc13.E.pdf

4**)** For South African Lawyer Court; Practical Guide, Court and Case Flow Management (practical, Guide for Court and Case Flow Management for South African Lawyer Courts)
http://www.joasa.org.za/aricles/ccFM%20Guide.pdf

5)From Filing to Finalization Case Flow Management
http://www.pdi.org/PJDP/resources/case_Management/principles_ofofcaseflow.management.pdf

6) Gabaasa Haala Raawwannaa ***JBAH*** Biiroo Haqaa Oromiyaa**,** Kan Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Finfinnee, 2001

7) Guiding Principles for Effective Case Management
http://www.dojca/eng/esc.cde/eff.pdf

8) Habas Mohamed, 'yegudaayoch Akkaahed Ammaraar, Yesilxanaa Maanuwaal,Le'Amaaraa Killil Daanyoch innaa Aqaabeyaan Hig Silxanaa Yetazagaajjee', Finfinnee, 1998.

9) Karoora Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Kan Bara 2001, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, 2001, Finfinnee.

10) Memberetsehay Taddese, 'Be'etiyoopiyaa yefitihaabiheer sine sir'aat tikuret yemishu andand nexboch'

11) Natacha Vsindilok, A comparison of the Case Flow Management and Case Tracking Systems of the Central Administrative Court of Tieland with those of the Federal Court of Australia with Reference to Practice in USA, A Thesis Submitted in Fulfilment of the Requirement for the Award of the Degree of Masters of Court Management, Faculty of Law, University of Wollongong, 2004.

12) National Association for Court Management 'Introduction: What is this Core Compitence and Why it is Important' in Core Compitency Curriculum Guidelines: Case Flow Management (2003)
http://www.Nacment.Org/CCCG/Word/3CFM.doc.

13) National Prosecuting Authority Court and Case Flow Management
http://www.npa.gov.za/UploadedFiles/CFM%20ReportFinal%20(1).pdf

14) Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure, 1968

15) Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, 1997, Finfinnee.

16) Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa, 1965, (Ingiliffa)

17) Seera Deemsa Falmii Yakkaa,

18) Wixinee Madaallii Raawwannaa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa, Lakk.----/1998, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Finfinnee.